

مؤسسة دار الفكر  
Dar Al-Fiker Foudation  
فنڊئى - ائيبوبيا



الأزمة الفكرية المعاصرة  
تشخيص ومقترحات علاج  
د. طه جابر العلوانى

*Burjaaja'iinsa Xiinxala  
Ammayyaa Qorannoo  
Fi Yaada Furmaataa*

**Qopheessaan:**

*Dr. Xaahaa Jaabir Al- Alwaanii*

**Hiikaan:**

*Faawundeeshiinii Daar Al Fikri*

Finfinnee - Itiyooophiyaa 2017 G.C

# الأزمة الفكرية المعاصرة تشخيص ومقترحات علاج

د. طه جابر العلواني

**Burjaaja'iinsa Xiinxala Ammayyaa**

**Qorannoo Fi Yaada Furmaataa**

**Qopheessaan:**

**Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alawaani**

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al*

*Fikiriitiif Seeraan Eggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C**

**DF-E-TrBs-17/11**

Mirgi maxxansaa dhaabbata *Dar al-Fikriif*  
seeraan eegamaadha

All rights reserved

Maxxansa duraa: Adoolessa 2018

Email: [daralfoker.ethiopia@gmail.com](mailto:daralfoker.ethiopia@gmail.com)

Tel: +251-114-705-738

Mob. +251-911-206-241

Addis Ababa, Ethiopia

## BAAFATA

<b>DURSA</b> .....	<b>4</b>
<b>SEENSA</b> .....	<b>8</b>
<b>DHIMMOOTA BU'URAA LAMAAN</b> .....	<b>10</b>
DHIMMA TOKKOFFAA .....	10
DHIMMA LAMMAFFAA.....	15
<i>Sadarkaa lammaffaa</i> .....	17
<i>Sadarkaa Sadaffaa</i> .....	18
<b>YAAD-RIMEEILAALCHAA</b> .....	<b>24</b>
<b>ADEEMSA YAADAA</b> .....	<b>30</b>
<b>YAAD-RIMEE BEEKKUMSAA</b> .....	<b>33</b>
<b>RAKKINNOOTA ILAALCHAA MURAASA</b> .....	<b>34</b>
1) RAKKOO DHIMMA SAMMUU FI ODEEFFANNOO BARRUU (HADIISA) IRRAA ARGAME .....	35
2) RAKKOO SABABAA.....	37
3) RAKKOOWWAN BIROO .....	39
<b>BIFA BURJAAJA'IINSA ILAALCHAA</b> .....	<b>42</b>
<b>FURMAATA RAKKOOLEE</b> .....	<b>44</b>

## **Dursa**

Gumiin dargaggoota Muslima Arabtootaa, akka rakkoon cimaan dargaggoota gumii kanaa keessaa murna murteessaa tahe, kanneen Yunivarsiitiilee biyyoota dhihaatti saayinsii hawaasummaa baratan akka qunnamaa jiruhubatee ture. Yaada kana irraa ka'uun koreen aadaa gumii kanaa (Bara 1988) koorsii fi leenjiin addaa kansaayinsii hawaasummaa gama ilaalcha Islaamaatiin ijiru ifa godhu, akka sagantaa aadaa keessatti dabalammu qabu murteessan. Kunis kan bu'uureffameef, yunivarsiitiilee biyyoota dhihaa keessatti saayinsiin hawaasummaa kunniin toftaalee haala beekumsaa fi aadaa warra dhihaatiin kan wal-qabatanii fi falaasama fi ilaalcha qaroomina biyyoota dhihaa irratti waan bu'uureffamaniifi.

Kuni immoo barataa Muslimaa saayinsii kana baratu akka inni waa lama jiddutti dhama'ee hafu isa godhe. Wantoonni lamaan kunis: beekumsa addaa kan amantiin Islaamaa qabu waa lama kan sadaffaa hin qabne irraa kan maddu. Isaanis "Wahyii" Rabbiin biraa dhufuu fi muuxannoo jireenyaati. Maddeen lamaan kanas karaa sammuu fi miiraatiin itti gahu. Inni lammaataa immoo saayinsiiwwaan kanaa fi adeemsa biyyoota dhihaati. Warri dhihaa "Wahyii" akka burqaa beekumsaatti hin lakkaayan. Beekumsa irraa argachuufis akka bu'uurratti dhimma itti hin bahan. Adeemsi kunis saayinsii hawaasummaa irratti calanqisuudhaan akka toftaa adeemsa saayinsii uumamaa kanaaf gadi cabu isa taasise. Kunis barumsi qorannoo waa'ee dhala namaa fi saayinsiin hawaasummaas ilaalchi inni nama dhuunfaatiif, maatii fi hawaasummaaf, akkasumas hariiroo namummaatiif qabu akka dhiphatu taasise.

Qorannoolee dhihaa kanneen saayinsii kanaan wal-qabatan keessatti yaaddan hir'uu fi wal-faallessaa ta'an hedduu

akka of-keessatti makatu godhe. Saayinsiiwwan hawaasummaa fi namaa kanneen, gara biyyoota Islaamaatti seensisuun rakkoo, dhiphinna, dimimmisaa fi yaaddoo hawaasa Awuroopaa keessatti uume san, biyyoota Muslimaa keessattis uume.

Yoo dagaaginni fi guddinni biyyoota dhihaa hanqinnaa fi hir'inna saayinsiin kuni hawaasummaa fi namummaa keessatti qabu kan dhooku tahe duubatti hafiinsi addunyaa Islaamaa immo hanqinna saayinsiin kuni sammuu namaa bocuu keessatti qabu ifa gala godhee mul'isa. Miidhaa fi hubaatii inni qaqqabsiisuu danda'us ifatti saaxila.

Kana irraa ka'uudhaan koreen aadaa gumii dargaggoota Muslimaa tuni akka barnoonni mata duree “Ilaalcha Islaamummaan saayinsii hawaasaatiif qabu” jedhuun sirnaayuu, dhaabbata xiinxallaa Islaamummaa addunyaatiif yaada dhiheessite. Kunis akka dhaabbanni kun dhimma kana tokkoo yaada bu'uura sagantaa haaromsaa kan rakkoo ilaalchaa, aadaa fi qaroomina ummataa furuuf irratti hojjatamaa jiru keessaa isa tokko tahuudhaan shooru guddaa taphataa jiraachuu isaa gumichi waan itti amanuufi. Kunis karaa fi toftaa yaada Islaamummaa haarawoomsuu fi beekkumsa Islaamessuu irratti dalaguudhaani. Kana irraa kan ka'e gumiin kuni itti amanuu dhaan itti gaafatamummaa kana dabarsee dhaabbata kanaaf kenne. Carraaqqiin dhaabbanni kuni marsaa barnootaa geggesuu keessatti taasise guddaa ta'uu isaa yeroo sanitti itti gaafatamaa gumii kan ture Ustaaz Huseen Qazaaz haasawa baniinsa marsaa kanaa irratti taasise keessatti ibsee jira.

Marsaa barnootaa (Waxabajjii 17-19, 1988 A.L A) kan waajjira dhaabbata kanaatti gaggeeffame irratti barnoota kennuun warroota hirmaatan keessaa:

Dr. Abdulhamiid Ahmad Abu Suleymaan - Dura taa'aa boordii dhaabbataa

Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii - Dura taa'aa dhaabbataa

Dr. Mahmud Aayid Al-rushdaan - Hogganaa garee leenjii fi barnoota dhaabbataa

Dr. Ahmad Zakii -Dura taa'aa tokkummaa Muslimoota Amerikaa kaabaa fa'a turan.

Hundi isaanii haasawa taasisan keessatti dhimmoota yaadaa fi ilaalchatti rarra'u hedduu kaasanii turan. Mariin haasawa kanniin boodaan dhufe barbaachisummaa dhimmoota kanaa, marsaan barnootaa, siminaarri fi koorsiiwwan bifa kanaan kennamuun murteessaa akka tahe ibsanii turan.

Gumaacha Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii keessaa mata duree “Burjaaja’iinsa Ilaalcha Ammayyaa: Qorannoo fi Yaada Furmaataa” jedhuun barnoota taasisee. Barbaachisummaa barnoota inni dhiyeessee san irraa kan ka’e, hirmaattoonni marsaa sanii, mata dureen kuni akka maxxanfamu gaafatan. Akkasumas barnoonni dhihaate kuni marii geggeeffamee fi gaafii fi deebii dhuma barnoota guyyaa sanii irratti gaafatamanii wajjiin maxxanfamee akka raabsamuu qabuu fedhii isaanii ibsan.

Kanaaf jecha dhaabbanni kunis mata duree kana akka dubbiftootaaf ooluuf jecha barruudhaan dhaabbatichaan yookaa dameewwan isaatiin qophaahan walitti fufiinsaan bahu keessaa isa jalqabaa akka tahu godhee jira. Kunis tatamsa’inni hirmaannaa ilaalcha kanaa akka babal’atu fi raabsuunis akka laafuuf jecha godhame. Kana gochuu isaatiin akka barnoonni asiin gaditti kenname kunii fi gafii fi deebiin isatti aanee dhufe tattaaffii dhimma ilaalchaa, aadaa fi qaroominaa irratti xiyyeeffatuuf gargaaru akka tahu abdata. Akkasumas rakkoo

kana keessaa bahuu fi ummanni muslimaa qaroomina adda tahe fiduu keessatti shoorra isaan irraa eegamuun akka dhaabataniif jecha hubannoo Islaamummaa akka dhiheessu ni abdanna.

Dhaabbata Xiinxallaa Islaamummaa Addunyaa

Heerindan -Vargiiniyaa, Ebla 1989 A.L.A



## Seensa

Akka lakkoofsa Awrooppaatti walakkaa jaarraa kudha saddeettaffaa irraa eegalee foddada fi balballi addunyaa Islaamaa hundi buqqa'ee kallattiin ilaalcha, barnoota, qaroomina, artii, dhandhama fi aadaa warra Awrooppaatti baname. Yeroo warri dhihaa magaalota gurguddoo biyyoota Islaamaa kan akka Beeyruut, Kaayroo, Bagdaad, Moosil, Iskandariyyaa, Istaantanbulii fi magaalota biroo keessattis manneen sagada isaanii madditti manneen barnootaa bataskaana keessatti yookaan maddii isaattii ijaaruu eegalan irraa jalqabee dayoon yookaan kaloon ilaalchaa fi aadaa Islaamummaa hanga hafes takko takkoon jijjigee diigame. Dhaloonni Muslimaa duula ilaalchaa fi aadaa warra dhihaatiin daran liqimfamanii jiru. Hanga barnoonni keenya cufti dhibbaan dhibbatti yaada warra dhihaa tahetti yookiin hanga akkaataa ilaalcha isaanii bocamuutti geenne. Kunis ilaalcha, adeemsa, madda barnootaa, falaasamni barnootaa, mata dureedhan barnootaa, kaayyoo fi galmi beekumsaa akkasumas hunda wanta kanaan walitti rarra'uu irratti qixxisa. Saayinsiin biraa hafee barnoonni shari'aa kan silaa barnoota shari'aa, yookiin hundee, yookiin barnota aadaa jennuun balaa liqimfamaa fi jijjiiramaa kana irraa hin hoffolle. Guddinabiyyoota Awrooppaatiif akkasumas malaa fi tooftaan ittiin barnoota dhiheessan wanti falaasama barnootaa irratti ijaaranii fi akkaataan dhimma adda addaa ittiin wal'aanan hundi gara yaada biyyoota Awrooppaa akkeeffachuutti dabe.

Haala kanaan, eenyummaan nama Islaamaa bu'uura namummaa isaa kan ta'e sammuu fi lubbuusaa dhabuun maalummaa ofii dagatan. Wantoonni sammuu nama Muslimaa cimsan hedduu jiru. San keessaa: dandeettii uumamaan kennaman, kan dhaalaan argatan, dandeettii aadaa fi barnootaa,

dandeettii muuxannoo, qorannoo fi xiinxallaa irraa argamuun alatti barnootaa fi tooftaan ittiin baratan irraayi. Barnootaa fi adeemsi barsiisuu argame jechuun sammuu qulqulluun uumamteyookaan ijaarsi isii guutame jechuudha. Akkasumas of kurfeessuu fi dandeettiin alatti wanti lubbuu namaa ijaaru, artii fi aadaa keessa jira. Artii fi aadaa kanatu wanta dhandhama lubbuu ijaaruu nama keessatti gumaacha.

Kanaan wal-qabsiisnee yoo ilaallu warri falaasamaa safuu bakka saditti qoodu: safuu dhugaa, safuu caaltuu fi safuu bareedinaati. Tasa yoo fagaatanis safuuwwan kana madda isaaniitiin wal-qabsiisuu fi toftaa safuu kanatti ittiin gahaniin fagaatutu mala. Akka jarri yaadanitti, dhimmi dhugaa fi waan caaltuu barbaaduun sammuu qofa irraa burqa kan jedhu yaada dogongoraa waan taheef, nu Muslimoota biratti fudhatama hin qabu, hin jaalatamus. Akkasuma yaada maddi bareedumaa sammuu qofa yookiin dhandhama tarii fedhii yookiin hawwii qofa jedhus hin fudhannu.

Nu Muslimoota biratti maddi safuuwwan asiin olii hunduu waan lamaan walitti hidhamaa tahan Kan wal-maddii deemanii fi addaanis hin fooyamneedha. Isaanis:-Wahyii fi jiruu (argama). Wahyiin cufa waan Qur'aanaa fi sunnaa akkasumas madda biraa kan isaan lamaan duraa irraa nu gayeedha. Maddeen lameen kana irraa ka'uudhaan akkaataa qoqqoodama "Safuu" baranna. Madden kana irraa ka'uun akkuma hayyoonni keenya kanaan dura qoodanitti nutis waan barbaachisaa, waan namni itti dhimmuu fi waan gaarii jechuun safuuwwan kanaaf qooda kenninaaf. Madden lamaan nuti irratti hundooynu kuni yoomuu wal- bira argamu malee addaan hin bayan. Gaafa tokkoon isaa isa kaaniin addaan bahee argame, safuuwwan kunii fi akkaataan qoodiinsa isaanii bade jechuudha.

## **Dhimmoota Bu'uraa lamaan**

Osoo mata duree keenya kana keessa gadi hin fagaatin dhimmoota bu'uraa lamaan kana ifa goochuun barbaada. Wantoonni hedduun asiin gaditti qophaa'anii fi ibsaman dhimmota lamaan kanaan kan bu'uureffaman waan ta'eef dursee tuquufan yaala.

## **Dhimma Tokkoffaa**

### **Dhimma Duula Yaadaa Yookiin Ilaalchaa**


Sila dhimma duula yaadaa yookiin ilaalchaa yoo jennu waan qabatamaan jiru moo waan yaaduma qofaan uumamee (imaginary) dha? Gaafii kana deebisuu keessatti hayyoonni fi beektonni ummata keenyaa bakka lama kan wal-faallessaa tahee fi garee lamaan wal-falmaa ta'etti qoodaman. Gareen tokko garee duulli yaadaa fi ilaalchaa jiraachuu mormuu fi duulli yaadaa jiraachuu isaa kan hin fudhanneeda. Kuni haasawa finciltoota warra qaroomina ammayyaa hin barbaanneeti, yaada warra jijjiirama warraaqsa wal-qunnamtii fi geejjiba ammayyaa diduuti malee duulli wayiituu hin jiru jedhu.

Da'oo ji'ograafii, daangaa siyaasaa fi lammummaa dhiibbaa qaroomina addunyaa kan yaadaa, aadaa fi artii fuula dura dhaabbatuuf sababa godhatan malee, duula ilaalchaa yookaa yaadaa wanti jedhamu tokkollee hin jiru jedhanii yaadu. Wanti jiru yaada aadaa fi artiiti. Yaada aadaa fi artii kana dhaabuuf dura dhaabachuun hin danda'amu; akka qilleensi hoo'aa fi qorra bakka hunda seenutti seena jedhu. Akka ilaalcha garee kanaatti, akkuma bishaan addunyaa ykn kan naannoo daangaan isaa osoo hin dhoginee wal-keessa seenutti aadaa fi yaannis wal- keessa seena.

Ejjannoon kuni ejjannoo abbootii qaroomina kanaatii fi barattoota isaanii warra yaadaa fi aadaa isaaniitiin cuuphameeti.

Ejjannoon akkanaa kun ummanni kamiyyuu akka dhimma qaroominaa kana ilaalchisee, harka itti kennachuu malee ejjannoo mataa ofii hin fudhanne isaan taasisa. Qaroomina kana hegeree isaanii godhanii fudhatuu malee isa mormuu, isaan walitti bu'uu fi fuula dura isa dhaabatuun hin ta'u jechuun yaadu. (*Fakkii 1<sup>ffaa</sup> asiin gadii kana laali*):

**Boca (1)**



Gareen lammaffaan immoo, garee duulli kuni dhugumaan lafa irra jira jedhee amanuudha. Duulli kun dirree lolaa kan yoomuu lolli akka addaan hin cinne taasisuuf lola kaasu jechuun amanu. Dirreen waraanaa kunis of danda'ee hoomaa waraanaa, meeshaa waraanaa, wareegamtoota, seenaa injifannoo, gootota fi luuynota mataa isaa of-keessaa qaba. Gareen kuni aadaa, yaadaa fi qaroominni addaan baasuun akka malu akkasumas goonfatuus tahee bakkaa fi yeroon addaan fooyuun akka dandahamu sirritti itti amanuu. Akka garee lammaffaa kanaatti, yaadaa/ ilaalchii fi aadaan akka hoomaa waraanaati; daangaa naannoo fi daangaa addunyaa irra akka hin tarkaanfanne daangaa murtaaye irratti gabaabsuun ni danda'ama. Osoo kuni dandahamuu yoo tarii daangaa tarkaanfate diinummaan ilaallamu; hoomaa humnaan namatti duule tahu. Yeroo kana of-irraa ittisuu fi of irraa deebisuuf jecha fuula dura dhaabbatuun dirqama taha.

Ijjannoo keenya kan nuti filannee, sirrii tahuu isaatiif kan ragaa fidachuu dandeenyu; akkuma amantiin Islaamaa nu barsiisetti ejjannoo isa jiddu galeessaati. Nuti yaada addunyaan ganda qaroomina tokko qofaati jedhu ni mormina. Akkuma olitti ibsine kuni yaada garee duulli ilaalchaa hin jiru jedhanii waakkatanii saniiti. Isaanis garee dhimmi duula ilaalchaa jedhamu wanta yaadaan uumame tokko malee qabatamaa miti jedhanii amanu. Akka yaada keenyaatti, ejjannoon kuni qaroomina Awrooppaa kan addunyaa har'aa kana haguugee jiru kanaaf tumsuuf jecha hojii raawwatameedha. Qaroomina isaanii kanaaf tumsa kan jenneef seenaa, ilaalcha, qaroominaa fi aadaa ummatoota biraa kan kolonii warroota dhihaatiin hubamaa turanii kana xureessuun duula waan gaggeessaniifi.

Kuni daandii maxxantummaa qaroominaatti nama geessu jennee itti amanna. Maxxantummaan qarominaa kunis maxxantummaan aadaa fi ilaalchaatiin jalqaba. Ejjannoo kana yoo kan fudhannu tahe yookaa akka jalqaba jaarraa kanaatti ejjannoo ummataa yoo kan tahu taate; ummata kana gara ummata qaroominaa fi yaada Awrooppaa irratti maxxanee jiraatutti jijjiira; eenyummaa aadaa fi qaroomina keenyaa dhabaa deemna; dhabuus itti fufna; Sadarkaa eenyummaa keenyaas ni dhabna. Booda irra qaroomina Awrooppaa keessatti liqimsamnee hafna. Qaroomina Awrooppaa isa warri Awurooppaatu keessaa bayuu fi tooftaa hidhaa isaa irraa ittiin of baraaraniin mirkaneessuuf carraaqsan san jalatti deebina.

Akkasuma yaada garee lammaffaa kan addunyaan qaroomina kophaa kophaadha, odola dhuunfaa guutuun guututti of dandeetteedha yaada jedhus hin fudhannu. Hubannoon akkanaa kuni qabatama dhimmoota ilmi namaa walitti handhuurfatu, kan amantiin Islaamaa fi maddi barnoota Islaamaatis jiraatuu isaa jajjabeessanii nuuf akeekan kana waakkatuun isaa haa hafuuti bu'aan warraaqsa akkanaa warra qaroomina irraa kophaa of baasuuf ejjannoo akkanaa of irratti dirqama goodhan kana matuma isaaniyyuu mudata. Kunis gocha qaroominaa, aadaa fi ilaalchaa balleessuu irraa fagoo hin jiru jennee ilaalla.

Ilaalchi akkanaa argamuu fi fudhatama qabaachuun isaa ni mala osoo jennee warraaqsa geejjibaa fi wal-qunnamtii kan biyyi kamiyyuu akka isiitti hin seenne of irraa ittisuu hin danda'in kana waakkatuu jechuudha. Yoo akka itti hin seenneef jecha balbala cufate fooddaan itti seenti; yoo fooddaas cufate qilleensa wajjiin ykn homa biraa wajjiin mana itti seenuun hin oolu. Nuti mataa keenyaaf ejjannooqwan kanniin keessa kan isa

jiddu galeessaa filanna. Yaada amantii Islaamaa fi seera isaa wajjiin wal-simuu fi ilma namaa hundaaf wal-qixaa, yaada walii gala kan tahe ibsa goona. Ummata keenyas akka eenyummaa isaanii jajjabeessan, akka maalummaan isaanii dagaaguu fi akka jirmi isaanii jajjabaatuuf jecha ejjannoo kanatti akka gayaniifi akka fudhatan waamicha goonaaf. Haalaa qaroomina keenyaatii fi waan adda isa taasisu beekuu wajjiin akkasumas burqaa yaadaa, aadaa fi artii keenyaa hubatuudhaan karaa warroonni dhihaa yookiin mala isaan kaayaniin osoo hin taanee tooftaa mataa keenyaatiin akkaataa dhimmoota kana itti hubannu bocuuf tattaaffii goona.

### **Dhimma Lammaffaa**

Dhimmi lammaffa kuni yeroo nuti Awrooppaan walitti dhufeenya jalqabne irraa eegalee sadarkaa yaada, aadaa fi barnoota Awrooppaa waajjiin nuti keessa dabarreibsaa. Dhimmi kunis, dhimma isa jalqabaatti rarra'a, akkasumas dabalataan ibsa kennaaf. Isa kana irraaka'uun ejjannoo nuti aadaa fi ilaalcha Awurooppaanotaa irraa qabnu murteessuu dandeenna. Yeroo Awrooppaanotaan wal-qunnamuu jalqabne irraa eegalee – tarii bara Salim II yookaa isa booda osoo hin turin - sadarkaa sadi keessa darbine, sadarkaaleen kunis:

### **Sadarkaa Tokkoffaa**

Sadarkaa kana turtii rifannaa fi raajeffannaa isa jalqabaa jennee yaamuu ni dandeenya. Sadarkaan kuni, yeroo ilaalchaa fi aadaan Muslimootaa gar-malee bakka isaatii sosocho'ee ummanni ilaalcha Islaamummaatii fi aadaa abboota isaanii amantummaa dhabeedha. Yeroo sanitti ilaalchi fi aadaan Islaamummaa waan qaroomina ijaaruu hin dandeenye yookiin guddinnaa fi misooma



biyyaa fiduu keessatti gahee kan hin qabne itti fakkaate. Islaamummaan guutumaan guututti geengoo himannaa keessa gale. Namni Muslimaa keessa isaatti sammuudhaan injifatame. Yaada, aadaa, barnoota fi artii warra dhihaa bakka qaroomina Islaamaa buusee fudhatuufis daran qophaayaa tahee argame. Sadarkaa kana keessatti barattoonni ilmaan Muslimaa beekumsa, yaadaa fi aadaa warra dhihaa barbaachaaf gara yunivarsitii fi dhaabbata barnoota warra dhihaatti duudan. Waan barbaachisu addaan fooyanii baratuun alatti keessaa dhinbiibanii fudhatuun yookaa of eeggannoo tokkoon maletti guutumatti ergaa qarooma biyyoota dhihaa fudhachuuf qopheessanii itti seenan.

Biyyoota Muslimaa keessattis jaarmayoota barnootaa, falaasama, ilaalcha, aadaa, adeemsaa fi sagantaawwan isaanii hunda keessatti jaarmayoota warra dhihaa akkeessanii ijaaruu eegalan. Yeroo sanitti namni Muslimaa tokko yaada “Amantiin Islaamaa saayinsii hin didu, akkasumas qaroomina hin faallessu” jechu dhiyeessuun gootummaa gaafata ture. Kana irraa kan ka’e hedduun beektota ammaa, hayyoota akka Sheek Muhaammad Abdoh fi Sheek Jamaaluddin Al-Afgaanii ija qeequutiin isaan ilaalu. Garuu namni qajeelaan haala qabatama yeroo sanii hubatee ejjannoo hayyoota kanniin lamaanii ilaale akka shoorri yeroo sanitti isaan taphatan haala qabatama yeroo isaanii wajjiin deemuu fi sadarkaa saniinis waan malu akka tahe salphatti hubatuu danda’a.

Amantii onnee isaanii keessa jiruu fi ofitti amantummaa guddaa lubbuu isaanii keessatti haftetti gargaarsifatuun wanti irra guddaan Muslimni kutataanii fi hayyoonni isaanii yeroo sanitti gochuu danda’an, haasaa isaanii adda addaa keessatti akka amantiin Islaamaa bara maraa fi bakka hundaafuu tolu

jajjabeessanii ibsuuf wal'aansoo gochuu qofa ture. Ummata gara ejjannoo madaalawaatti dhiibuuf jecha yookaan danbalii duula kana irraa hoffolanii miila isaaniitiin akka gadi dhaabbataniif jecha yaada dimshaasha akkanaa kana irratti cichuun jajjabeessuu ture.

### **Sadarkaa lammaffaa**

Sadarkaan kuni yeroo lubbuun hanga tokko tasgabii itti argattee, bara raajeffannaa san bira tarkaanffachuu itti eegalteedha. Sadarkaa kana keessatti Muslimoonni hafuura fudhatuu eegalan; ejjannoo isaanii keessa deebi'anii ilaalu jalqaban. Jechoota warra dhihaa fi ilaalchota manneen barnoota isaanii, yaadota saayinsii adda addaa qorataniit itti fayyadamuuf jecha keessa deebi'anii ilaalu eegalan. Kana irraa kan ka'ekaka'umsa gara garaatiin bakka amantiin Islaamaa fi aadaan biyyoota dhihaa itti wal-geettu fi yaanni madaallii fi wal-bira qabuu irratti qorannoon gaggeeffamuu jalqabe. Gariin kaka'umsa kanaa kaayyoo warra dhihaa galmaan gayuuf kaka'an. Hariiroo jidduu Muslimaa fi jiduu aadaa fi ilaalcha Awrooppaanotaa wal-taasiisuudhaan sammuu fi onnee ilaalcha Awrooppaa fuul-dura dhaabbattu hunda dhabamsiisuuf soch'aa ture. Gariin immoo kutannoodhaan dhugumaan amantiin Islaamaatiif onnatee kaka'ee, fooddaadhan cufaman hunda banuu fiqaawwa ilaalchi fi aadaan Awrooppaanotaa kan Muslimoota marse kun qabu barbaaduuf ka'an. Kanas kan godhaniif, akka haarawaatti Islaamummaan qaawwa dhiphoo saniin gara sammuu fi onnee Muslimaatti akka seenuuf jecha.

kana irraa kan ka'e yeroo kana mata duree adda addaa dubbisuu eegalle. Kunis kan akka dimokraasummaa fi koominzimummaa amantiin Islaamaa qabuu, wal-qixxummaa

hawaasummaa, nageenya Islaamummaa keessa jiru, seera Islaamaa keessatti mirgoonni hojjattootaa maal akka ta’an, mirga dubartii namantii Islaamaa keessatti qabdu, mirga namummaa sirna Islaamaa keessatti, fi mata dureewwan kana fakkaatan kan akka nuti sadarkaa rifannootaa bira kunnee sadarkaa isa lammaffaa (sadarkaa dura dhaabatuu) keessa seenne mul’isan dubbisuu eegalle. Kaayyoon inni cimaan sadarkaa kanaa wanti Awrooppaa biratti argamu nu birattis ni argama kan jedhuu fi yoo biyyonni Awrooppaa wantoota gariin nu caaltee argamte nutis akkuma san bifa biraatiin waan isaan caalluun ni qabna yaada jedhu mirkaneessuu ture.


### **Sadarkaa Sadaffaa**

Kuni sadarkaa amma jiraataa jirru yookiin gar-tokkee isaa irra jiraataa jirrudha. Sadarkaan kuni sadarkaa dammaqina Islaamummaa, sadarkaa hubannoo fi eenyummaa ofii beekuu jedhamee moggaafame. Sadarkaan kuni sadarkaa caalmaa amantiin Islaamaa qabuu fi amaloota adda isa taasisan itti mirkaneessuu jalqabneedha. Sadarkaa kanatti, akka amantiin Islaamaa ilaalchaan aadaa fi duudhaa isaatiin, akkasumas akkaataa haala jireenyaatiin, amallan gaarii fi safuu qabaachuu fi madaallii adda addaa birootiinis biyyoota dhihaa caaluu mirkaneessuu ture. Kana bira dabruunhanqina gurguddaa yaadaa fi aadaa Awrooppaa keessatti argamu ifa baasuu eegalle. Akka kanaan dura sobamnee turre ifa nuuf tahera. Eenyummaan siyaasa keenyaa fi sirni diinagdee keenyaa nu jalaa hatamuu dabalatee; aadaa fi yaanni keenya nurraa mulqamee madaalama dhabnee duulaaf akka saaxilamaa turre irra geenyee turre. Hedduun keenya hundeen ilaalchaa, yaadaa fi aadaa Awrooppaa akkasumas cufa manneen barumsaatti karaan isaan ittiin

barnoota kennanis dagaagina biyya keenyaa, dammaqinaa fi qaroomina ummata keenyaatiif akka hin tolle hubachuu eegalle.

Yeroo kana jechi dammaqina Islaamaa jedhu tamsa'uu jalqabe, dhimmoonni wal-xaxaa ta'an hedduunis kaafame. Hayyoonni Muslimaa falmii fi qormaata cimaa keessa seenan; hayyoonnii fi xiinxallitoonni Muslimtootaa rakkinnaa fi qormaata cimaaf saaxilaman. Qormaanni isaan muudate kunis yookaan dhaadannoon isaanii kan amantiin bakkaa fi yeroo kamittuu ni tola jedhu sirrii ta'uu fi hojii irra ooluu kan danda'amu ta'uu isaa mirkaneessuudha. Akkasuma yaada Islaamummaan itti fufiinsa jireenya ilma namaatiif qaroomina fiduuf, guddinna biyyaatiif gumaachuuf, mootummaa dhaabuuf furmaata jedhu hojiin argamsiisuudha. Yookiin immoo harka kennatanii dirree namoota birootiif gad lakkisanii akka ummanni ammas kufaatii jireenyaa dadhabaa sanitti deebi'an godhuudha. (*Sadarkaawwan sadiin kana fakkiin 2<sup>ffaa</sup> asiin gadii kun caalatti ibsa*):

**Boca (2)**



## **Barbaachisummaa Ilaalchaa**

Akka wanti dursuu qabuu fi waan itti aanuu qabaatu walkeessa hin makneef jecha sadarkaalee sadan armaan olitti dubbanne kana sirritti xinxalluun barbaachisaadha. Amma nuti sadarkaalee ‘Amantiin Islaamaa yeroo maraa fi bakka hundaaf tola’ jennee waamicha itti dhiheessinu san keessa hin jirru. Yeroon sun dabreera waan ta’eef nutis bira kutuu qabna. Akkasumas, yeroo ammaa ilaalcha amantiin Islaamaa fi ilaalcha sirnoota biroo walitti madaaluuf dhimma itti hin qabnu. Sadarkaan kunis dhume nutis bira dabrinee jirra.

Nuti amma sadarkaa biraatti tarkaanfanee jirra. Sadarkaan kunis – akkuma armaan olitti jenne- sadarkaa qormaata guddaati. Hayyoonni fi xiinxaltoonni Muslimtootaa rakkinnaa fi qormaata cimaaf saaxilaman. Qormmaanni isaan mudate kunis yookii dhaadannoon isaanii kan amantiin bakkaa fi yeroo kamittuu ni tola jedhu sirrii ta’uu fi hojii irra ooluu kan danda’amu ta’uu isaa mirkaneessuudha. Akkasuma yaada Islaamummaan itti fufiinsa jireenya ilma namaatiif qaroomina fiduuf, guddinna biyyaatiif gumaachuuf, mootummaa dhaabuuf furmaata jedhu hojiin argamsiisuudha. Yookiin immoo harka kennatanii dirree namoota birootiif gad lakkisanii akka ummanni ammas kufaatii jireenyaa dadhabaa sanitti deebi’an godhuudha. Waan addunyaan sadarkaa lamaan dabre guutuun guututti bira tarkaanfatteef nutis akka bira kunne beekuun dirqama nurratti taha. Yaada sirrii tahe, aadaa gaarii fi qaroomina qajeelaa fiduudhaaf akka dandeettii qabnu ummata keenya qabannee girdoo duubatti hafiinsaa bira kutuudhaaf ogummaas akka qabnu; kaayyoo dagaaginaa fi ijaarsa biyyaa akkasumas misooma isaanii dhugoomsuu akka dandeennuu ummata amansiisuu danda’uutu nurra jiraata.

Karaan tokkichi wanti nuti itti waamnu kuni sirrii tahuu ittiin mirkaneessinu; cufa waan Awrooppaanonni fidaniitiif waan bakka isaa bu’u kan amatiin Islaamaa itti amanu fiduu qofa. Wanti bakka buufne sunis milkaayuu fi fiixaan bayuu danda’u isaa qormaatuu qabna. Wanti bakka bu’aa isaa fiduun barbaachisu hedduudha. Isaanis: yaada siyyaasaa Awrooppaa, yaada diinagdee, yaada hawaasummaa, yaada heeraa fi seeraa, yaada barnootaa fi namummaa, yaada falaasamaa, mala baruuf barsiisuu fi aadaa fa’i. Qaroominni Awrooppaa yaada kanniin hunda irratti hundaa’uudhaan dhaabatte. Gama gariin milkaayina guddaa yoo galmeessisus gama biraatiin ammoo of duuba deebi’uun fashala mul’isee jira. Amma qormaataa fi falmiin amantii Islaamaa dura jiru gama hundaan yaada bakka bu’aa milkaayaa tahe yookiin kan gama yaadaa, aadaa, barnootaa fi qaroominaatiin Awrooppaa dursee argamu karaa jaarmayoota, sirnoota fi mala qaroomina kana ijaaru fidanii mirkaneessuu dha. Yeroo san qofa afaan guutuun kunoo deebine jechuu kan dandeenyu, dammaqiinsi keenya kan dhugaati, kan gufuunis isa hin muudanneedha jennee dubbachuu dandeenya.

Biyyuma kamiyyuu keessatti seerri dhimma dhuunfaa kan ‘Fiqhii’ Islaamaa irraa madde argamuun ni mala, seera dhimma dhuunfaa kanatti seerri adabbii kan fiqhii Islaamaatiin wal-gitu itti dabalamuu danda’a; Kuni rakkoo miti. Akkasumas seerri adda addaa biroo kan akka seera daldalaa yookaa seera ummataa jiraatuun ni mala. Ammas rakkoon dhimma kana keessa hin jirtu. Mootummaan Usmaaniyyootaa Bitootessa bara 1924 yeroo kuffetti, seeronni armaan olii hundi hojii irra oolaa turan. Garuu eegumsa seeraa dhugoomsuu hin dandeenye. Hanga ammaas bakka garii fi biyyoota Islaamaa garii keessatti

seerronni hojii irra oolaa jira. Haata’u malee ummataaf injifannoo hin galmeessine; qaroominas hin finne.

Seerri qabatama jiruutti sirna gochuu ni dandaha. Garuu qaroomina argamsiisuu danda’uun isaa kuni dhimma biraati. Akkasumas hojjattoonni sadarkaalee adda addaa qaban bulchaa biyyaa irraa jalqabee hanga poolisaa fi hojjattota qulqullinaatti jiraachuu dand’u. Tarii hojjattoota keessattis bulchaa biyyaa, dura taa’aa, itti gaafatamaa fi kan kana fakkaatan warroota amantii isaaniitiinis jajjabaa ta’an arguun ni mala. Kuni hundi waan argamuun dandahamu. Garuu kuni argamuun jireenyi sirna Islaamummaa itti fufe ykn qaroominni Islaamummaa ol ka’uu eegale jechuu miti. Hanga ol’aantummaan sammuu yaada Islaamummaatiif argamutti haalli armaan olitti dubbanne hundi argamuun itti fufiinsa jireenya sirna Islaamummaa jechuu hin ibsu. Hanga ummanni Muslimaa eenyummaa aadaa isaanii, sammuu Islaamummaa calanqistuu fi lubbuu tasgabbootuu taateen of qopheessanitti dagaagina dhugaa fiduuf yookiin ijaarsa qaroominaatiif abdiin hin argamu.

Yeroo ammaa kana ilmaan addunyaa Islaamaa ilaalchi Awrooppaa sammuu isaanii qoqqoodatee jira. Sunis kan akka yaada sammuu namaa seenu qofa kan hordofu, kan uumaaf quuqamu, yaada amantii dura dhaabbatu, yaada addunyaa malee kan aakiraatti hin amanne fi kan kana fakkaatetti qoodaman. Akasumas sirnoonni biyya Islaamaas sirna siyaasaa lammummaa, kominizim fi dimokraasii jechuudhaan biyyoota Islaamaa addaan qoqqoodatanii jiru.

Kallatti gara garaatiin aadaa fi adeemsa ilmaan Islaamaa yoo ilaallu, ol’aantummaa qaroomina warra dhihaattu irraa mul’ata. Haalli addaan ciccitiinsaa fi wal’aansoon hawaasummaa kan biyyoonni Islaamaa yeroo ammaa jiraataa



jiran kun haala bakka itti dhaabbatu qabu yookaan xumuramuu miti. Yoo yeroo yaadaa fi beekumsi filannaa gaarii ta'uu danda'u dhiyaatee sammun hawaasa Musliimaas aadaa, aartii fi beekumsa kana irratti hundooftee bocamte booda ta'e malee. Kana irraa ka'uudhaan barnoota kana keessatti bu'uurri dhimmoota keenyaa: dhimma yaadaa (ilaalchaa), dhimma mala jireenyaa yookiin akkaataa adeemsaa, dhimma beekumsaa fi aadaa akkasumas dhimma qaroomina filatamaa (kan qaroomina biyyoota dhihaa bakka bu'u) ijaaruuti. Akka Ummanni Islaamaa rakkoowwan hamtuu fi muddamsiistuu taateen liqinfame beekuu dhabneetii miti. Garuu adeemsa haarwoomsaa keessatti qabxiin jalqabaatii fi dhagaan bu'uraa dhimmoota asii olitti kaafne ta'uu qaba. Akkasumas dhimmoota dubbanne kanaaf furmaatas barbaaduu qabna. Dhimmi yaadaa (ilaalchaa) maali? Yaada yoo jennu maal jechuu dha? Dhimmoonni jajjabni yaadaan wal-qabatan maal fa'a? Rakkoo maaltu isa mudatee adeemsa isaa haaroomsuun barbaachise? Kaayyoon haarwoomsa kanaa akkamitti galma gayuun mala?

## **Yaad-rimeellaalchaa**

### ***Hiikkaa Ilaalchaa fi Dhugummaa Isaa***

Bakka kanatti hanga tokko gara akkadamiittindaba. Dhimmichi dhimma haasawaan qofa garaa nama boressu miti. Cufti wanti dubbannee qu'aannaa, qorannaa fi hojii sirrittiraawwatame irratti hundaa'uu qaba. Haalli ummni keenya, dargaggoonni abdiin boruu fi haalli nuti mataa keenyaan yeroo ammaa kana keessa jirru miira walii tuquun garaa wal-laaffifachuu fi hawwii qofa walitti kakaasuu hin eeyyamu. Akkaataa nuti gosa barnoota shari'aa keessatti barannetti dhimmi tokko yoo kaafame akka namni sirritti hubatuuf jecha - osoo bal'innaan itti hin seenne -

dura hiikkaa isaatu himama. Yeroo ammaa kana jecha “yaada/ilaalcha” jedhu nama hedduu kaasa. Garuu akka karaa sirrii taheen hubatamuuf jecha keessa isaa sirritti gadi buunee ibsuun murteessaadha.

Akka hiikkaa afaaniitti jechi ‘yaada’ jedhu hiikkaa hedduu qaba. Isaan keessaa yaade, ni yaada, yaaduu akkasumas waa yaadachiisuu fa’i. Hiikkaa afaaniitiin booda gara Qur’aanaa isa bu’ura madda keenyaa taheetti haa deebinu. Qur’aana keessatti jechi yaadajedhu bifa maqaatiin hin dhufne. Jecha yaada jedhu kana bifa maqaa ykn hundee jechaatiin Qur’aana keessatti hin argine. Garuu dameen jecha kanaa kan akka “yaade”, “yaadan”, “yaaddan” fi kan kana fakkaatan keeyyata hedduu keessatti dhufee jira. Qur’aana keessatti keeyyata 20 keessatti bifa gocha dabreetii fi bifa gocha amma raawwatamaa jiruutiin dhufe. Fknf “Inni ni xiinxale/itti yaade, isa murteessee” “Akka isaan xiinxallaniifi”, “Akka isaan xiinxallaniif”, ‘Sila hin yaaddanii / hinxiinxallitanii? bifa nama moggaa namaa jiruu fi bifa nama fagoo jiru ittiin dubbisaniinis dhufee jira.

Akka Afaan Arabatti hiikkaan “Gochaa” wanta waan argame wayitti nama qajeelchudha. Fakkeenyaaf ‘rukute’ yeroo jennu wanta argame san nuuf ibsa. Innis rukuttaadha. Nama waa rukutu wahiituu jira yaada jedhuu nuuf ibsa. Yeroo yaada yookiin ni yaada jennu jechoonni kunniin wanta wahii nuuf ibsu, innis yaada. Wanti kana irraa hubannu Qur’aana keessatti akkaataa kanaan dubbatamuun isaa akka jechi yaada/xiinxallaa jedhu kun ilma namaatiin walitti hidhata qabu mul’isa. Yaadaa fi waa yaaduun addaan bayuu hin danda’an. Bakka yaanni argametti nama waa yaadutu jira jechuudha. Yaanni waan dalagaan hin mul’ifamne yookiin wanta sochii hin qabne ta’uu hin qabu.

Yaada yoo jennu dalagaa sammuu kan dhalli namaa qofti ittiin beekamudha. Bineensonni wanta yaada fakkaatu osoo calanqisiisaniyyuu qajeelfama fedhii isaanii ibsu malee yaada hin jedhamu. Beektonni falaasama duraanii ilma namaa “Bineensa dubbataa” jechuudhaan moggaasan. Kana jechuun, kan yaadu jechuu dha. Akkuma armaan olitti jenne Bineensonni hafan akkaataa fedhii ittiin akeekan qofa qabu; kanatu bakka yaadaa fi sammuu bu’uun isaan tajaajila.

Hedduun hayyoota ammayyaa laaffisanis hayyoonni keenya jecha yaada jedhu hiikuu fi ibsuu irratti xiyyeeffatanii jiran. Dhama jecha yaada jedhuu fi waan isatti rarra’u hubatuuf yoon qu’adhu Hijraa irraa jaarraa sadaffaa, yeroo saayinsiin keenya roga itti qabatee fi jaarraa afraffaa yeroo barreeffamni saayinsiiwaan kanaa itti dagaagetti hayyoota waa’ee dhimma kanaa dubbatan heddu argeen jira. Itti wal-taruudhaan hiikkaa kennaniifi akka gaaritti ibsuudhaan irrattis hedduu barreessanii turan. Barruu garii keessatti fuula dhibbaa ol waa’ee yaadaa, bifa isaa fi ulaagaawwan isaa kan dubbatanin arge. Barruu garii keessatti kanaa ol kan dubbatus argeen jira. Garuu akkaataan haala barruudhan keenyaa wal-dhaba; kitaabonni keenya akkaataan itti qindaayu fi karaan itti walii dabarsanis mala mataa isaa danda’e qaba. Yeroo garii hiikkaa fi ibsa jecha kanaa kitaabota karaa “Suufiyyaa” barsiisu keessatti argita; akkasumas kitaabota falaasamaa fi kitaabota saayinsii afaanii keessattis ni mul’ata. Waa’ee yaadaa, jechoota hiikkaan isa fakkaatan, ulaagaadhaan isaa fi qooda inni itti qoodamu warroota kanniin hunda birattii fi insaykilopiidiyaa saayinsii kanniinii keessatti niargina.

Ergaa kana dheeressuu hin fedhu – dimshaashatti wanti ani qu’annaa kiyya keessatti hubadhe: yaada jechuun *dhimma*


*beekamaa keessatti, hiikkaa waan wallaalamaa tokko barbaaduuf yookaa murtii dhimma tokko beekuuf ykn hariiroo wantoota adda addaa jidduu jiruu hubatuuf jecha gara gaggaliinsa ykn irra deddeebi'iinsa humna waa yaaduuti. Qaamni kunis onnee yookaa lubbuu yookiin sammuu ta'uu danda'a.*

Hiikkaa kana daraan ifa Kan godhu jecha Imaam Abu Haamid Al-Gazaaliiti: “Yaada jechuun onnee keessatti beekumsa lama fiduudhaan odeeffannoo sadaffaa argatuudha” jedhan. Kana jechuun seensa lama qopheessuudhaan seensa kana irraan bu’atti gayuudha. Fakkeenyaaf hima “Salaata raawwadhaa!” jedhu yoo gara akkaataa yaadaatti jijjiiruu barbaade dulata (salaata) raawwadhaa! Jechuun hima ajajaati; kuni seensa tokkoffaati. Dhimmi Rabbiin irraa bifaajajaatiin dhufe hundi raawwatamuun dirqama; kuni seensa lamuuti. Ragaan Seensi isa duraa beekumsa afaanii irratti hundaaya yoo ta’u, ragaan seensa lammaffaa immoo bu’uura/hundee ta’uu isaati. Ajajni asitti dhufe ajaja dirqama mul’isu, kan hojii irra ooluu qabuudha. Ajajni kunis sallanni dirqama ta’uu isii mul’isa. Kunis dhimma sadaffaati. Fakeenyaaf: yoo namni salaata salaatuun dirqama yokiin sunnaa ta’uu isaa hin beeyne jiraate hima “Ergamaan Rabbii (SAW) dulata/salaata yeroo barfataa (duhaa) sagadanii dhiisan” kan jedhu ilaalla. Seensi inni duraa ragaa seenaa ergamaa Rabbii (SAW) hordofuu irraa argameedha. Seensi lammataa murtii “Wanti isaan dalaganii dhiisan dirqamaa miti” jedhu irraa fudhanna. Kana irraa ka’uudhaan beekumsa ‘dulatni/salaanni yeroo barfataa (duhaa) sunnaadha, yaada jedhutti geenya. Yeroo hedduu odeeffannoo lama yookaan sanii ol akka seensaatti dhiheessuudhaan bu’aa

yookiin odeeffannoo sadaffaa burqisiifatta. Gochi kunis yaada jedhamuun beekama.

Akkuman kanaan dura dubadhetti Qur'aanni yaada fi sochii walitti hidha. Kunis yaanni akka yaadaatti kophaa isaa bu'aa takkas akka hin qabne nu hubachiisa, kan yaannuuf murtii yookiin kaayyoo wayiitti gayuufi malee yaaduuf qofa akka hin ta'inis nuuf ibsa. Yaanni ceem'aan homaa hin hojjanne, dhimma duniyaa ta'ee kanaa kiraatiifis bu'aa kamittuu nama hin geessu. Yaanni keenya dhimma duniyaa keenyaa tahee dhimma "Aakiraa" keenyaaf tahuu qaba. Yookaan yaanni kophaa isaatti bu'aa nuuf hin qabu. Waan qabatama hin tahin kan ragaa irratti hin bu'uureffamin wahii duuka yaaduun dhama'a malee yaaduu miti.

**Boca (3)**



## Adeemsa Yaadaa

Hiikkaa fi dhugummaa yaadaa/xiinxallaa erga hubanne booda fuul-dura keenya dhimma lamatu jira: dhimmi jalqabaa mallattoolee fi akkaataa yaada keenyaa kan Islaamaa daangessuudha. Mataa keenyaa fi namoota biraatiifis qajeelfama ilaalcha Islaamaa keenya kana dhiyeessuun dirqama nurratti taha. Kana keessatti dhimma yaadaa, dhimma aadaa fi beekkumsaa adda adda babaasnee kaayutu nurra jiraata.

Gama biraatiin, seenaa keenya kan Islaamaa keessatti hanga ammaatti dhimma xaxamaa fi rakkoo yaada Islaamaatti rarraatu heddutu jira. Rakkoowwan kanaaf furmaata barbaaduun dirqama ta'a. Yaada jechuun *dhimma beekamaa keessatti hiikkaa waan wallaalamaa tokko barbaaduuf yookaa murtii dhimma tokko beekuuf ykn hariiroo wantoota adda addaa jidduu jiruu hubatuuf jecha gara gaggaliinsa ykn irra deddeebi'iinsa humna waa yaaduuti*. Hiikkaa yaadaa kana irratti yoo walii galle dhimmi kuni adeemsa jechuudha. Awrooppaanonni yaada isaanii burqisiisuuf tilmaama irraa ka'u. Wanta hundaaf tilmaama tokkoffaa lammaffaa, sadaffaa, afraffaa jedhaa lafa kaayatan. Tilmaamota kana xiinxalluudhaan yoo barbaachisaa tahee, tilmaama biraa itti dabalaa takkaa garii isii haqaa xumura irratti bu'aa barbaachisutti gayu.

Ani gama kiyyaan akka nama Muslima tokkotti madda laman qaba: maddi duraa wahyiidha. Wahyiin waan Qur'aana fi Hadiisa keessatti dhufeedha. Achitti dhimmoota adda baasuun narra jirutu jira. Yaanni dhimmoota kanatti rarra'u qajeelfama wahyii irratti hundaaya. Karaa biraatiin dhimmoota muxannoo jireenyaa irratti hundaayuudhaan murteessutu jira. Qajeelfamni Qur'aanaa fi sunnaa waa'ee uumamaa, jiruu fi dhala namaa hubannoo sirrii tahe nuu laatuuf; amantii qajeela tahe fiduuf;

nama gaarii argamsiisuuf dhufe. Wahyiin waan nuuf hin mul'anne (geeybii) ibsuu ilaalchisee, gaafiiwwan dhimmoota kanniiniin wal-qabatee ka'uu dandeettu hunda irratti haala quubsaa taheen deebii kenne. Wantoota xaxamaa falaasamni ummata biroo wal'aanuu hin dandahin wal'aane. Akkasumas dhimma murtaa'aa fedhiin ilma namaa keessatti wal-dhabuu dandeettu kan furmaata sirriitti gayuu hin dandeenneef furmaata sirrii ta'e kenna.

Dhimmoonni akka dhimma mirga dubartii, baay'ee wal-xaxaa fi kan ummanni hedduun irratti wal-dhabeedha. Dhimmi kuni fedhii lubbuu, jaalala, jibbiinsaa fi hubannoo dubartiif namni qabu walitti makatee jira. Rakkoo kana hiikuuf furmaata barbaaduun dirqama taha. Dhimma dhaalaa (faraa'idaa), akkasumas dhimma Rabbiin gabbaruun wal-qabatu dur-irraa eegalee ilmi namaa keessatti jallatee ture. Akkasumas tokkummaa Rabbi/Toowhiida keessa bayuuf qarqara irratti argama, sana booda Toowhiida kanatti qaawwa/ hir'ina fida. Namoonni duraanii dhimmoota kana keessatti yaalii hedduu godhanii jiran; hordoffii amantii keessatti fiixxee gayanii of-duuba deebi'u; Rabbiin tokkichoomsutti erga gayanii gara Rabbitti waa yagutoomsuutti gadi deebi'u. Dhimmoonni kuniin hundi rakkoo jiru cimsaa dhufanis, wahyiin furmaata sirrii tahe laateefii jira.

Dhimma Rabbiin gabbaruu, sirna uumamaa, bu'uroota amala gaarii, haala naamusa sirrii fi kan kana fakkaataniif wahyiin qajeelfama latee jira. Kanaafuu dhimmoota kanniin ilaalchisee yaanni kiyya tilmaama irratti hin hundaayu. Dhimma kamiyyuu yoo tahe, keeyyata Qur'aanaa fi Hadiisaa keessa barbaada; itti aanee yaada walii gala hayyoota Islaamaan qoradha; itti aansuun murtee wal-madaalaa dhimma kana



fakkaatuuf asiin dura kenname irrattin hundaaya. Haala kanaan dhimman barbaadu yoon argadhe akka nama Awrooppaa tilmaama sammuu kiyyaa hin hordofu, tilmaama jalqabaa, 2<sup>ffaa</sup>, 3<sup>ffaa</sup>, 4<sup>ffaa</sup>, 5<sup>ffaa</sup> jedhee hin ifaaju. Waan keeyyanni Qur'aanaa fi Hadiisaa jedhu hubatuudhaanan ilaalcha guutuu argadha. Hubannoo sirrii argatuufis mala mataa isaa dandahetu jira. Malli kunis tooftaa gosa barnootaa hundeewwan fiqhii<sup>(1)</sup> jedhamuuti. Tooftaan kitaaba kanaas, keeyyata xiinxalluudhaan qabatama jiruu wajjiin wal-qabsiisuun; adeemsa hubannoo ragaalee Qur'aanaa fi Hadiisaa dalagaa irra oolchuudha. Kun hundi saayinsii tokkicha keessatti qoratama. Saayinsiin kunis Muslimoota biratti saayinsii malaa (akkaataa) jedhamuun beekama; innis barnoota 'hundeewwan fiqhii'ti.

Gama birootiin dhimmoota jiruuf jireenya adda addaa kan ragaalee Qur'aanaa fi Hadiisaa kallattiin hin tuqintu jira. Ragaaleen wahyii dhimma jiruuf jireenyaa keessatti yaada walii galaa dubbata; waan hafeen dhimma kanatti gayuuf, akka nama ga'eessa sammuu qabuu tokkootti sammuu kiyyatti fayyadamuun akkan yaalii godhu na gaafata. Kanas sadarkaawwan qaama hubannoo sadan beekkamoo taha'an irraa ka'uudhaanan yaalii godha. Isaanis: miira qabatamaa, miira sammuu fi miira xiinxalliiti. Fakkeenyaaf: osoo fagotti waa arginee, tilmaamni jalqaba waan argine sammuu keessa yaa'u muka jechuun tilmaamna; akkuma itti dhihaataa deemnuun tarii gaala jechuun tilmaamna; daran yoo itti dhiyaanne lakki wanti kuni farda jenna. Hanga bifa guutuun arguudhaan kuni nama yookaan muka jettee mirkaneeffattutti tilmaamni hubannoo irratti hundaaye itti fufa. Yeroo bira geenne bocni wanta sanii

---

<sup>1</sup> Principles of jurisprudence

hiikkaa isaa nuuf kenna. Bakka akkanaatti jiruu hubatuuf, ijaaruu flaaffisuuf, hariirrowwan adda addaa hubatuuf, kaayyo Rabbiin nu uumeef dhugoomsuuf; muxxannoo jiruu, marsaa jireenyaa, sammuu fi dandeettii Rabbiin nuuf late, akkasumas mala adda addaa irratti hundoofna. Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿٣٢﴾ وَسَخَّرَ لَكُمْ الْفُلْكَ لِتَجْرِيَ فِي الْبَحْرِ بِأَمْرٍ وَسَخَّرَ لَكُمْ الْأَنْهَارَ

إبراهيم : 33

“(Rabbiin) akka galaana keessa ajaja isaatiin yaatuuf doonii isinii laaffise. Laggeenis isiniif laaffise.” (Suuraa Ibraahiim, keeyyata 32)

﴿٣٣﴾ وَسَخَّرَ لَكُمْ الشَّمْسَ وَالْقَمَرَ دَائِبَيْنِ وَسَخَّرَ لَكُمْ الَّيْلَ وَالنَّهَارَ

إبراهيم : 32

“(Rabbiin) aduu fi ji'a isiniif laaffise. (kunis) jaraa deemaniiti. Halkanii fi guyyaas isinii laaffise.” (Ibraahiim: 33)

﴿٣٤﴾ وَءَاتَاكُمْ مِنْ كُلِّ مَا سَأَلْتُمُوهُ

إبراهيم : 34

“(Rabbiin) waan isin kadhattan mara irraa isiniif kennee”. (Ibraahiim: 34)

Nuti akka Muslimaatti wantoota kanaaf bu'uurota sirna Islaamaa, qajelfama isaa, galma isaatii fi akeeka isaatti fayyadamna. Karaa birootiin hariiroo waa jidduu jirtu beekuu fi qindeessuu akkasumas akkaataa bu'aa irraa itti buufannu karoorsoof jecha miira, muuxannoofi sammuu keenyatti fayyadamna.

### Yaad-rimee Beekkumsaa

Maddi beekumsa keenyaa wahyii fi jiruu (argama) jennee dabarsinee jirra. Akka ilaalcha warra ammayyaatti immoo maddi beekkumsaa jiruu qofa. Kanaafuu hayyoota barnootaa fi beekkumsaa biratti hiikkaan beekamtummaa qabu isa

“Yuniskoo” fi jaarmayoota aadaa biroo biratti beekamuudha. Innis: “Beekumsa jechuun cufuma wanta miiraa fi shaakalliin hubatamuu danda’uuti” kan jedhuudha. Akkaataa ilaalcha isaaniitti odeeffannoon waa’ee Rabbii, waa’een jireenya boodaa (aakiraa) fi ergamtoota Rabbii ibsu beekumsa jedhanii hin fudhatan. Kanaaf dhimma waan kanaan wal-qabatu yeroo dubbatan kuni oduu durii (sheekoo) dha jechutti hubatu malee beekumsa jedhanii hin lakkaayan.

Akka nama Muslimaatti yeroo hiikkaa beekkumsaa na gaafatan “Beekumsa jechuun cufa odeeffannoo wahyiin, miiraa fi muuxannoon jiruu itti qajeelchituuti” jechuun dandaha. Inni kuni hiikkaa isa Islaamaati; hiikkaa kana malee isa Yuniskoo biratti beekamu akka jirutti hin fudhadhu. Osomaa manniin barnootaa fi qaamoleen barnootaa hundinuu hiikkaa kana akka hiikkaa sirrii taheetti fudhatanillee, nuti Muslimoonni fudhatuu hin dandeenyu. Odeeffannoo wahyiin akka barnoota tahuuf itti qajeelche hundaa ni fudhanna. Wahyiin karaa saayinsaawaa ta’een na dhaqqabe; innis karaa dadhabsiisaa fi morkii ta’eedha. Qur’aanni kabajamaan yeroo morka nama seensisu akka namni fakkaataa Qur’aana kanaa yookaanii Qur’aana keessaa booqqannaa kudhaniyyuu fiduu, yookiin booqqannama tokko akka fiduu yaalan morka seensisee jira. Garuu ilmi namaa fiduu hin danda’an. Itti aanuun nuti Muslimoota biratti beekumsi hunda odeeffannoo wahyiin, miiraa fi qormaanni jiruu itti qajeelchiteeti. Sammuun namaas miira waa ittiin hubatan keessatti lakkaawama.

### **Rakkinnoota Ilaalchaa Muraasa**

Dhimmoota xiinxalaa keessaa inni biroo kan baay’ee nu yaaddessu dhimma ilaalchaati. Inni kun rakkoo cimaa seenaa keessatti argamee ture, kan akkaataaijaarsa sammuu, aadaa,

lubbuu fi barnoota namoota Muslimaa irratti dhiibbaa hammaataa tahe argamsiiseedha. Akkasumas dhiibbaa hamaa maalummaa ummata Islaamaa irratti fidde; ummata Muslimaa tuutaan, gareen, mazhabaa fi ilaalcha adda addaatti qoode. Rakkoon akkanaa kuni hedduu waan ta'eef furmaata fiduun dirqama. Furmaata booda rakkoo yaada danqarse yookii rakkoo yaalii dagaaginaa fi qaroomina ummata keenyaa balleessuu irra ture keessaa bayuudhaaf yaada dhiyeessuu qabna.

### **1) Rakkoo Dhimma Sammuu fi Odeeffannoo Barruu (Hadiisa) Irraa Argame**

Rakkoowwan xiinxala ammaayyaa fi aadaa kan tokkummaa ummataa addaan baasee afaan afaan isaan goodhe dhimma wal-falmii jidduu sammuu (aqlii) fi keeyyata Hadiisaa keessatti argamuudha. Seenaa keenya keessatti rakkinni kun maqaa kanaan beekkaamu kan eegale gadaa kitaaboleen hedduun hiikkamuun itti jalqabametti. Kunis erga yeroon dheeraan dabree fi namoonni abdii kutatanii boda. Gadaa ergamaa Rabbii –SAW- fi bara waa'illan isaanii wanti maqaan isaa kunsammuu, kuni ammoo keeyyata Hadiisaa jedhamee addaan fooyamuun wal- falmiin, wal-faallessuun, wal-dhabbii fi wal-loliinsi jidduu jaraa hin turre. Yeroo sanitti sammuu fi keeyyanni Hadiisaawal-dhabuu osoo hin taane, murtii Rabbii isa guutuu ta'eef gadi jechuudhaan wal-maddii deemu. Keeyyatoonni Qur'aanaafi Hadiisaa sammuu qajeelchuu irratti ga'ee guddaa qabu. Wal-dhabbii tokko malee wal-maddii deemu; yoo akkana ta'e sammuu akka gaaritti waa hubatee qabatama wajjiin walitti hidhee raawwii isaa miidhaagsa.

Garuu yeroo ammaa kana kitaabni fi qu'annan dhimma sammuu fi Keeyyatoota Qur'aanaafi Hadiisaakana kaasan gar-

malee heddummatee jira. Bu'aan wal-dhabbi durii yeroo ummanni gara tuutaa fi gareetti qoqqoodame irraa argame. Waa'ee hoggansaa ilaalchisee, gareen gariin keeyyata Qur'aanaa fi Hadiisaa hordofanii shooraa sammuu qabdu fudhatuu didan; gareen biroo immoo keeyyata dura dhaabbatuuf jecha yaada sammuu qofa dhiheessan. Dhimmi kun dhimma wal'aansa barbaaduu dha; wal'aansa boodas irraa deebi'anii itti yaaduu fi ibsa gochuu barbaada. Fakkeenya kanaa akka nama dhukkubsataa eelaan qaama isaa keessa jiruuti. Qoricha dhukkubbii itti laaffisu fudhate jechuun dhukkuba irraa yaalame jechuu miti. Dhukkubsataa kana sirritti yaaluuf beelaa kana irraa isa baraaruu, jarmii isa keessa jiru keessaa baasuudhaani; kunis tarii baqaqsanii hodhuu malee hin mijjatu ta'a. Sammuu fi Keeyyatoonni Qur'aanaa fi Hadiisaa waan addaan hin fooyammedha; heeraa fi seerri shari'aas waan sammuu wajjiin deemu jechuudhaan dhimma kana barreeffamoota keenyaan wal'aannee jirra. Garuu yoo maraa rakkoon kuni irra deddeebi'amuun, wal-falmiin akka haarawaatti ka'a. Rakkoon ilaalchaa kuni akka fakkeenya eelaa qaama dhukkubsataa keessaati; akka fakkeenya dhibee naqarsaati; kanaafuu hundeen buqqisuu barbaachisa. Hundeen buqqisuuf qu'annaa fi wanta nama amansiisu qopheessutti dhimma/hajama.

Fakkeenyaaf: ilaalcha Islaamummaan dhimma sammuu fi Keeyyatoota Qur'aanaafi Hadiisairratti qabu yeroo ibsinu; akka sammuu fi Keeyyatoonni Qur'aanaa fi Hadiisaa bakka lamatti addaan bayan si'a ibsinu fi akka itti wal-dhabbiin jidduu jaraatti uumee fi wanti argame hundi akkamitti aka argame yeroo ibsinu; rakkoon kuni baduudhaan ilaalchi sirriin ifa ta'a. Akkuma irra deddeebi'uun rakkoon kuni kaafamuun, namni hubannoo guutuu horatee akka dhimmi wal-dhabbi kuni hin

argamne ittisa; akka ummanni bakka lamatti addaan bayuun dhimmicha irratti wal-hin lolles godha.

## 2) Rakkoo Sababaa

Dhimmi kuni dhimmoota sammuu Muslimootaa irraa tokko. Rabbiin –SW- waan sababa ta’uu fi kan sababni argamsiisu walitti hidhee jira. Jiruu kana keessatti sababaan malee waa takkaa hin argaman; sababaa fi bu’aa sababaas Rabbumatu uume.

Garuu namni sababa fiduun alatti bu’atti gayuu fedhu akka nama Rabbiin Qur’aana keessatti dubbateeti:

إِلَّا كَبَسِطَ كَفَيْهِ إِلَى الْمَاءِ لِيَبْلُغَ فَاهُ وَمَا هُوَ بِيَلْبِغُهُ. وَمَا دَعَا الْكُفْرِينَ إِلَّا فِي ضَلَالٍ ﴿١٤﴾ الرعد: 14

(Akka nama bishaan afaan isaatitti haa gayuuf harka isaa (fagoo irraa) gara bishaanii diriirseeti; garuu inni (bishaan) afaan isaatti hin gayu. Kadhaan kaafirtootaa jallina keessatti malee hin taane). Suurat Arra’d, keeyyata 14

Bishaan dhuguu barbaadde taanaan; gara bishaanii deemii qicadhuu dhugi; garuu akka bishaan ofiin afaan si seenu yoo tasbee qabatee maqaa Rabbii jedhaa oolte, bishaan afaan si hin seenu; mataa keetii kallattiin dhugaatii raawwatuu qabda; kaatee bishaan barbaadachuu qabda. Rabbiin marsaa jireenya addunyaa bifa kanaan uume.

وَالنَّجْمِ وَالشَّجَرِ يَسْجُدَانِ ﴿٦﴾ الرحمن : 6

(Urjiiwwanii fi mukni (Rabbiif) sujuudan). Suurat Arrahman:6

Urjiiwwan wantoota Rabbiin karaa taasisseef masakamu; masakamuun urjiiwwanii kun seera Rabbitiin buluu dha; yoo inni fedhee taasisse malee seerri kuni cabuun hin malu. Kunis sababa adda addaatiifi. Fakkeenyaaf: raajii mul’isuuf yoo ta’e

malee seerri isaa bakkaa hin socho’u; akkaataan Muslimni itti amanus akkana.

Akka lakkoofsa Hijraatti dhuma jaarraa lammaffaa fi jalqaba jaarraa sadaffaatti dhimmi kuni karaa biraatiin ka’ee argime. Kunis erga kitaabonni qaroomina Giriikii fi hambaan addunyaahiikkamuu eegalaniin booda nutti dhufte. Yeroo sanitti warri rakkoo qaban “Sababatu bu’aa qaba waan ta’eef yaanni sababni argamuu qaba jedhu Rabbitti yagutoomsuudha” jedhanii yaadu. Hayyee “Rabbiin alatti sababaan bu’aa fidu ni jira jechuunis Rabbitti yagutoomsuu ta’aa?” yoo jedhaniin; “Jiruu kana keessatti sababni Rabbiin qofa” jechuun deebii deebisu. Rakkoon yaada akkanaa kun dhaloota Muslimaa irratti dhiibbaa cimaa geesse, maalummaa Islaamummaa diige.

Dhimma waa’ee Ibiddaa irratti hayyoonni saayinsii afaanii dhimma sabaabaa kana irratti wal-mormuun; Imaam Al-Gazaaliin ati faantuu (bid’aa) nutti fidde jedhaanii turan. Sunis ibiddi fedhii Rabbii irraa ka’uudhaan waa gubuu danda’a inni jennaan akkamitti akkana jetta? Ibiddi waa gubuu hin danda’u jedhaniin. Imaam Al-Gazaaliini tole ibidda jechuun maaliree...? Jedheen. Dandeettii waa gubuu Rabbittu keessatti uume, otuu Rabbiin seenaa Nabi Ibraahiim keessatti ibiddaan; Ibraahimiif qorra nagayaa ta’i jechuunii baatee silaa Ibraahim gubatee ture.

Garuu Rabbiin ajaja biraa ibiddatti dabarsee amala waa gubuu irraa gara qorra nagayaatti akkka geeddaramu godhe. Si’a kana amalli/ faalkaan ibiddaa geeddarama. Jijjiiramni kunis ajajaa fi fedhii Rabbiitiin ta’e.

Wal-mormiin kun jaarraa sadiif sammuu Muslimootaa qabee ture. Dimshaashumatti inni sababaa fi bu’aa uumes Rabbuma; wanti hundi fedhii fi ajaja isaatiin argama; namni kana mormuu danda’u jiraa?! Hin jiru.

Dhiibbaa barnoonni sammuu Muslimootaa irraan gaha yoo ilaallu eenyummaan nama Muslimaa hohollataa ta'e argina. Yeroo garii sababaa irratti hundaayu; yeroo kaan sababni hin barbaachisu jedhu; yoo garii otuu sababaa hin fidin bu'atti gayuuf hawwu; yoo garii ammoo sababaa bu'aa argamuun walhin ginne dhiyeessuun bu'aa eeggatu. Yeroo dhimmi isa dadhabsiisee fi fiixa bayuu dhabe immoo wanti hundi fedhii Rabbiitiin jechutti deebi'a. Haala kanaan ilmi namaa danqaraa amantii keessa seene. Kana jechuun yookii dhimma kana balleessuu yaaluuf yoo itti dubbatte, amantii keessaa si baasu; yookaanii cal'isuudhaan nama malaa fi beekumsa hin qabne; kan sababaa fi bu'aa addaan baasee hin beeyne; kan waan dura argamuu fi booda dhufu addaan hin foone taatee hafta. Walumaa galatti dhimmi kunis dhimma cimmaa furmaata argatuu qabuudha.

### **3) Rakkoowwan Biroo**

- ***Dhimma Hiikkaa:***

Dhimmi hiikkaa keessattuu kan ibsa Rabbiitiin wal-qabatu, akkasumas hiikkaan keeyattoota ifa hin ta'inii; dhimmoota rakkoo hedduu fidan keessaa muraasa. Dhimmi kunis kan sirritti itti yaaddawamuu qabuu fi wantoota kanatti rarra'us qoratuu fi qu'atuun sirritti barbaachisaadha.

- ***Dhimma Dirqii fi Filannoo***

Kunis dhimma rakkoo yaadaa kan wal'aanamuu qabu irraa isa tokkoo. Dhimmi kun har'as ka'aa jira; boruu fi boodas ka'uun isaa hin hafu. Hundeen dhimmakanaa siyaasaa ture. Fakeenya argame irraa: Mu'aawiyaan -RA- erga hogganaa Muslimtootaa ta'e booda wa'iloota ergamaa Rabbii keessaa tokko kan jecha Rabbiin ittiin faarsan (zikrii) isaan irraa dhagaye irra



deddeebi'ee namaaf himu dhagaye. Zikriin kunis “Yaa Rabbi waan ati namaa kennite namni nama irra fudhachuu danda’u hin jiru, waan ati nama dhoorgatte namni namaaf laatu hin jiru. Murtii ati murteessite wanti deebisuu danda’u hin jiru”. Mu’aawiyaan zikrii kana ofii isaatiis ganamaa galgala jedhuu eegalee. Booda akka namni hundi ganamaa fi galgala irra deddeebi'ee jedhu ajaje. Seenaa kana yoo xiinxallu maqaa Rabbii kaasuu (zikrii) keessa rakkoon hin jiru; wanti rakkoo ta’e Mu’aawiyaan wanti ani dalage hundi ykn wanti mootummaa kiyyaa keessatti dalagame hundi kan Rabbiiti, Rabbitu irraa gaafatama jedhee yaaduu fi dalagaan mootummaa keessatti dalagamu hundi Rabbiin wal-qabsiifamuu isaati.

Hasan Albasriin -hayyuun guddaan waa’illan ergamaa Rabbii dhibba shan kan tahan wajjiin wal-qunname – dhimma kana irraa ka’uudhaan hogganaa yeroo sanii Abdul Malik bin Marwaaniif xalayaa cimaa ta’e barreessee ture. Xalayaa kana keessatti ilaalchi akkanaa facaafamuu akka hin qabne akkana jechuun barreesseef: “Poolisoota keessan kan nama xiqqeessanii fi nama miidhan namatti ergitanii waan Rabbiin katabe (qadar) jettu; bakka bu’oota keessanii fi hojjattoota keessan keessaa warra farsoo dhuguu fi namatti daangaa dabruun kuni waan Rabbiin fedhee nu dalaysiise jedhutu jira ...Rabbiin guddaan akkana jedha:

قُلْ إِنْ كُنْتُمْ تُحِبُّونَ اللَّهَ فَاتَّبِعُونِي يُحْبِبْكُمُ اللَّهُ وَيَغْفِرْ لَكُمْ ذُنُوبَكُمْ ۗ وَاللَّهُ غَفُورٌ رَحِيمٌ ﴿٢٨﴾ الأعراف: 28

(Rabbiin waan fokkattutti nama hin ajaju. Sila Rabbiin irratti waan hin beeyne kijibduu? Jedhi”. Suurat Al-Airaaf: keeyyata 28

Al-Gazaaliin xalayaa tana keessatti akka dhimmi dirqii fi filannoo kuni ka'umsi isaa dhimma siyaasaa ta'ee fi booda irratti akka gara dhimma amantiitti jijjiirame ifa taasisee ture.

Akka bu'uurri yaada kanaa dhimma siyaasaa ta'e fi barreeffamoota dhimma kana irratti barraayan hunda yoo ifatti ilaalle, qorannoo fi mariin dhimma kanatti rarra'u hundi rakkoo amantiitiin ala taha. Booda dhimma yaadaa kan ilaalcha siyaasaatiin mari'atamee furmaata argatuudhaan xumuramu ta'a. Garuu yoo akka dhimma amantiitti irratti mari'anne kallattii biroo qabata. Kallatti amantiitiin qu'atuun ummata addaan kukkutuutti geessa. Kanaan wal-qabsiisee ummanni bakka lamatti qoodamutu mala: garee (jabriyyaa) gabrichi waan dalagu keessatti dirqamee raawwata jedhutti amanuu fi garee (qadariyyaa) gabrichi dandeettii isaatiin waa raawwata jedhuuti. Garuu dhimmi kun akkamitti akka dhalate karaa qu'annootii fi xiinxallaatiin yeroo dhiheessinu rakkoon achitti gabaabata.

### ***Dhimma Akkeeffannaa fi Tattaafannaa***

Dhimmi cimaan biroo kan yeroo maraa fi bakka maratti ka'u, dhimma tattaafannaa (ijtihaada) nama Muslimaa, mazhaba hordofuu ykn mazhaba malee jiraachuu, balbala carraaqqii banuu fi cufuutii fi kanneen birooti. Dhimmoonni kunis jiruuf jireenya ummataa irratti dhiibbaa qabu waan ta'eef, furmaata itti barbaaduundirqama.

Fakkeenyaaf: jaarraa sadaffaa keessa hayyuun Aljaahiz jedhamu haala ummata Muslimootaa yeroo ibsu: "Ummata sammun isaa sammunama jiddu galeessaa (nama aadii ta'e), lubbuu gabraa qabu, kan amalli isaa tika horii fakkaatu ..." jechuudhaan ibse. Yeroo Aljaahiz ummata kana bifa kanaan ibsu sanitti ummanni Muslimaa mataa ummoota addunyaa turan; biyya hangafa

addunyaa taate hogganaa turan; kanuma wajjiin akkanatti ibsaman; dhugatti haalli kuni isaan darban caala nuhii yeroo ammaa ibsa.

Haalli kuni dhimma tattaaffi mataa ofii dhiisuun, sammuu hayyoota biraa hordofuu irraa ka'e. Seenaa keessatti ummanni Muslimaa rakkoo heddu keessa dabran. Rakkinnoota San keessaa tokko: hoggantoonni (mootonni) isaanii waan fedhii ofii raawwatuuf jecha beektota bu'aa addunyaa qofa duuka bu'anitti gargaarsifatuun dalagaa ofii mirkaneeffatu. Yeroo ummanni mirga amantii ofiitiif falmatuuf ka'anitti beektonni kunniin wanti Qur'aanaa fi Hadiisa keessatti hin dubbatamin, wanti Ulamaa'oonni afran irratti walii hin galin hunduu fudhatama hin qabu jedhanii dhorgu.

Garuu tooftaan beektonni durii fayyadaman kuni kallattii barbaadamu irraa bahee rakkoo ummata irratti dabale. Kanaan wal-qabatee jaarraa afraffaa keessa hayyuun mazhaba (ilaalcha) Hanafiyaa hordofu Abul Hasan Alkirkii kan jedhaman: "Cufti keeyyattoota Qur'aanaa yookiin Hadiisaa kan yaada keenyaan wal-dhabe hunduu, kara sirrii ta'een hin hiikamne taha ..." hanga jedhu gaye. Mazhaba Hanafi hundee gochuudhaan keeyyattoota Qur'aanaa fi Hadiisaa immoo akka dameetti lakkaawuu eegalan. Dhimmi kunis hedduu hammaataa ture; rakkoowwan sammuum Muslimootaa keessa seenan keessaas isa tokko.

### **Bifa Burjaaja'iinsa Ilaalchaa**

Akka ilaalcha kiyyaatti wanti ummata Muslimaa akka loon tikkaa kan namni isaan bulchu hundi gara fedhe oofutti isaan jijjiire dhimma akkanaati. Duuyda duubni barumsaa fi aadaa keenya akka bifa kanaan bocannuuf nu qopheesse, namoota lubbuu fi sammuum isaa injifatamaa ta'e oomishe. Imaam Al-

Mawardi hayyuun jedhaman –isaa fi nufis Rabbiin haa araaramu- “Namni nama miidhee mootii ta’ee nama bulchu fihoggansi abbaa irrees seera-qabeessa” jedhe. Itti dabaluudhaan “Seera nikaahaa fi hogganummaa wal-fakkeessinee ilaaluudhaan akkuma nikaahni ragaa nama lamaatiin sirrii tahutti hoggansas namni lama yoo itti amanee muude sirrii ta’a” jedhee yaada. Hayyuun kuni akka lakkoofsa Hijraatti bara 450tti addunyaa tana irraa dabre. Karaa kamiin hogganummaan ummata bal’aa ulaagaa nikaaha nama dubartii takka fuudhuun wal-bira qabamee ilaallama! Tani hambaa ilaalchaa fi yaada seeraa (fiqhi) keenyaa keessatti qaawni akkanaa yoo argamu laafinnaa fi dadhabinni nutti argamuun waan hin oolle irraayyi.

Yaada kanatu ummata Muslimaa loon bobbaafamuun wal-fakkeesse. Osoo Muslimooni Burjaaja’ama xiinxallaatiin dhama’anuu bara 656 akka lakkoofsa Hijraatti magaalaa Bagdaad Kufte; mormi Muslimootaa irraa muramee ol-tuulame minaraa Masjidaa irratti rarraafame; dhiigni isaanii laga tahee yaa’e. Shakkii takka malee har’a tanas rakkoon ummataa yaada kanaan wal-qabata.

Yaanni du’aan akkanaa kan ragaa Qur’aanaa fi Hadiisaa hin qabne kun wal’aanamuun dirqama ta’a. Wal’aansi isaas karaa baqaqsanii hodhuutiin raawwatamuu qaba. Osoo barataan Yuniversiti tokko mata duree qorannoo isaa dhimma tattaaffannaa ta’ee booda akka qoratee xiinxallu irraa barbaaddee nama isa gargaaru argatuun isaa ni mala. Tarii akka gaaritti qoratee dhiyeessuu danda’a. Xinxallaa irraa fagaatuudhaan bifa ibsuutiin qofa yoo hin dhiheessin qorannoon isaa qabatama hin argatu ta’a.

Wanta nama gaddisiisu keessaa yeroo hedduu yuniversitoota biyya Arabaa fi Islaamaa keessatti qorannoodhan

barattoota Mastiret digrii fi doktooret yeroo madaalaman; qorannaa keessatti barattoonni yaada mataa isaanii akka itti dabalan carraan hin kennamuuf! Faallaa sanii akka waan sammuu fi ilaalcha namaa akka badu barbaadamuu tokko barattoonni yaada isaanii akka itti hin daballe ni dhoorgamu. Jecha mataa isaa fayyadamee osoo madda wahii hin tuqin dhiise taanaan, tarii akka balleessaa guddaatti lakkaayama. Sababa kanaaf qorannoon isaa kuffifamutu mala; qorataa kana irratti wanta fedhan raawwatuu dandahu. Garuu rakkoo jirtu tana hiikuuf akkasumas hegeree sammuu Muslimaa sirreessuuf jecha qu'annaa bifa xiinxallaa fi qeequu geggeessuun nu barbaachisa. Qorannoo akkanaatu irra deebi'uun yaada dhiheessa, dhiibbaa fi hanqinna dhimmi kuni qabus ifa godha; dhimma kana irratti ijaaramanii fi rakkoowwan dhimma kana irraa burqanis ifa baasa.

### **Furmaata Rakkoolee**

Rakkoon yaadaa nuti dhugatti yeroo ammaa jiraataa jirru kuni rakkina maddaa fi mala beekumsaatiin wal-qabatani. Akkasumas rakkinni kun dhimma bu'uuraa kan tahe sammuu, lubbuu fi akkaataa ilaalchaa keenya irratti dhiibbaa hamaa fi hanqinna fide. Yaalii jijjiirama fi haaromsaa fiduu fashaleessee. Seenaa ummata kanaa keessatti yaaliin jijjiiramaa hedduu argame. Yaaliiwwan jijjiiramaa kun hedduun isaanii qulqullinaan kan shaakalameedha. Haa ta'u malee yeroo hedduu rakkoon kuni walakkaa karaatti nu qunnamuun sochii haaromsaa hunda balleessee akka bu'aan hin argamne dura goree qaba. Kunis akka asii olitti jenne san akka dhukkuba iitaa eelaa malaa guureetti dhooya. Kanaaf dhimma yaadaa/xiinxallaa kana wal'aanuuf jecha ilaalcha dhuunfaa warra dhihaa irraa fagaatuudhaan mala ilaalchaa sirrii ta'e kaayuu nu barbaachisa.

Dhimma kana keessatti eenyummaa adda ta'e akka qabnu itti amanna. Haa ta'u malee dhimmi nuuf namoonni biroos irratti walii gallu ni jira. Dhimmoota akkanaa kanaa fi dhimma haala adda tahe qabu adda baafnee beekuun dirqama.

Fakkeenyaaf: dhimmi yaada saayinsii fi gosa barnoota saayinsii uumamaatti rarra'u hundi, dhimmoota nuufi namoonni biroos irratti walii galluudha. Waan qormaata qabatamaa ta'ee fi muuxannoo jiruu irratti hundaayuuf karaan saayinsii kana ittiin dabarsan ka gariittuu hin jallannee dha. Jiruun ilma namaa hundaaf wal-qixa. Wanta jiruu keessatti dalagamuu fi danda'amu irratti ilmi namaa itti walii gala. Akkumaa ati ija lama qabdu namni Awrooppaas ija lama qaba, gurras akkuma sani, buqqeedhaanis akkuma kan keetiti. Kanaafuu dhugaan jireenyaa kan akka qajeelcha qorannoo miiraan mirkanaayee nama irraa namatti adda hin ta'u. Jiruun nama hunda birattuu tokkuma, dandeettii fi hojiin sammuu, ijaa fi gurri nama hundaatuu wal-qixa.

Kanaafuu sabummaan, amantiin, qaroominnaa fi mazhabni gargar ta'eef jecha jireenyi jijjiiramuu hin qabu. Saayinsiin uumamaa sadarkaa ilma namaa hundatti wal-qixa. Ilaalchi, amantiin, qaroominni hayyootaa adda adda ta'eef ergaan saayinsii kanaa hin jijjiiramu. Amantiin namaa gara gara ta'eef malli barnootaa, maalummaa fi seerri saayinsii uumamaa kan akka herrega, keemistrii uumamaa, saayinsiin fayyaa fi ji'oologii adda adda hin tahu. Kanaafuu saayinsii kana ilaalchisee waan ilmi namaa argamsiise hunda irraa bu'aa buufatuun ni dandahama.

Nuti akka Muslimaatti galmaa fi kaayyoon keenya galmaa fi kaayyoo warra birootiin adda ta'us; gama muuxannoo ilmi namaa tooftalee gara garaa, sirnootaa fi dhaabbattoota

sochoosuu irratti qabu akka jirutti fudhatuun nurraa hin tolu. Hanga tokko fooyyessuu fi fakkeenya fiduun akkasumas yaada nama kakaasu itti dabaluu barbaachisa. Fakeenyaaf: Awurooppatti dhaabbattooni adeemsa mootummaa too'achuuf ijaaraman kan akka parlaamaa dhaabbata too'annaadhaaf gaarii ta'eedha. Haa ta'u malee qaamni kun dimokraasii hojii irra oolchuu isaa hin deeggaru. Muuxannoo isaanii irraa ka'uun dhaabbata seera shari'aa dalagaa irra oolchu, raawwii shari'aa fi bulchaa kan too'atu akka ta'u irraa fedha.

Gama kiyyaan akkaataan ittiin waa raawwannu bifa dimokraasiitiini miti. Akkaataan Rabbiin nu ajajes yaada sirrii ta'e tokkoo irra gayuuf akka wal-mari'annuudha. Dimokraasii Awrooppaa murtii irra gayuuf warra koongiransii yookaan mana marii bakka bu'oota ummataa keessatti sagalee wayyaba kan qabani fi warra lakkoofsaan xiqqoo ta'ani jiddutti wal'aansoo godhuudha. Akkasumas wal-mormii jidduu mootummaa fi partiilee mormitootaa jiddutti ka'uudha. Akkuma sagaleen tuuta takkaa guddatuun murtiin fudhatamus fedhii isaanii guuta. Akka waan murtii tokko irra gayuuf wal-falmuun kaayyoo taa'ee fakkaata. Gama kiyyaan wal-marii (shuuraa) jechuun yaada sirrii ta'ee fi irra caalaa ta'etti gayuuf wal-gargaaruudha. Kan gurmuun isaa guddaa ta'ee fi muraasa ta'es, mootummaa fi partileen mormitootaas hundi isaanii murtii sirrii ta'e irra gayuuf wal-gargaaru malee wal-hin falman.

Garuu tuutni gariin hoggantoota waa hunda keessatti qoratuun hin malu jechuudhaan mirga waa murteessuu cufa laatuuf. Yoo hogganaadhaaf mirga murteessuu dhibbaan dhibbatti kennineef, wanti isa qoratu dandeenu maaltu nuuf hafa ree? kuni waan addaati. Dhimma marii ilaalchisee garuu falaasafama jaarmayoota duuba jiranii fi akkataa jaarmaya

kanatti dhimma itti bahan Qur'aanni ibsaa fi qajeelfama isaa nuuf laatee jira. Garuu jaarmaya fi tooftaan jaarmaya kanatti ittiin gahan gama filannoo kallattiitiinis ta'ee al-kallattiin muxannoo fi shaakallii dhala namaati. Shaakalli kana akka nama tokkootti qoradhee sirritti deebbisee hubadhee maxxantuu ykn akkeessaa osoo hin jedhamne irraa fayyadamuu ni danda'a. Yeroo ammaatti wanti barbaachisu guddina saayinsii mirkaneessuu keessatti lafa irratti boonuu fi badii raawwatuun akka hin argamneef jecha kaayyoo, galmaa fi akeeka saayinsiiwwan kanaa gara ilaalcha Islaamummaatti qajeelchuudha. Qaroominni ammayyaa lafa irratti boonuu fi badii dalaguudhaan guddina isaanii mul'isan. Kan humna qabu ji'a irra bahuudhaan qorannoo geeggessa, meeshaa waraanaa keemikaalawaa oomisha. Kana hunda kan godhaniif ol'aantummaa isaanii mul'isuu fi badiidhaan dachii balleessuufi.

Gama kiyyaan akka Muslima tokkootti saayinsiiwwan kana akkaataa qajeelfama amantii Islaamaatiinan dhimma itti baya. Qajeelfamni kunis lafa kana irratti namatti boonuu fi lafa irratti badii dalaguu dhabuudha. Fakeenyaaf: yoo namni tokko banjii facaasuu barbaade ni dhoorga; hubannoo walii galaa irraa ka'uudhaan Rabbiin qonna seera qabeessa godhee jira jchuun gaafiin ka'uu ni dandaha. Dhugaadha garuu bu'aan banjii facaasuu balleessaa fida jechuunan deebisa. Bakka sanii baala biroo kan fayyaa ilma namaatiif tolu akka facaasun qajeelcha. Kanaaf saayinsiin gosa kana gama kana qajeelatti tolchuu nurraa barbaada. Gama muxannoo dhaabbattoota yookaan jaarmayoota irraa argamuutiin hundee Islaamummaa irratti irkatuudhan waan bu'aa fidu danda'u irraa fayyadamutu nurraa eeggama.

Garuu dhimmi cimaan hammeenya qabu gosa barnoota saayinsii hawaasummaa fi saayinsii ilma namaati. Saayinsiin



gosa kanaa mata duree fi kaayyoon isaanii waa'ee ilma namaati. Isii tana keessa dhukkubni hedduun wal'aanamuu qabutu jira. Gosti saayinsii kanaa garaa garummaa amantii fi qaroominaatiin garaa garummaa hubannoo qaba. Qaroomni aadaa fi amantii hundi waa'ee uumamaa fi jireenya ilma namaa irratti ilaalcha mataa isaanii qabu. Waa'ee ilma namaa, galma argama isaa, haala jiruu tanaa ilaalchisee ilaalcha walii galaa kan mataa isaa dandahe qabu. Ol-aantummaa haalaa amala ofii fedhan, sirnaa fi hariiroo argamsiisuu barbaadan, akkasumas beekumsa, aadaa fi artii itti gayuu barbaadan kan ummatoota biraa irraa adda ta'ee argama. Dhimmi kuni hundi mata dureewwaan saayinsii hawaasummaati.

Akkuma armaan olitti jenne saayinsiin kuni gosa saayinsii waa'ee qabeenyaa qoratu fi dhimma dhaabbattootaatiin garaa garummaa qaba. Yaanni saayinsii hawaasummaa yaada walii gala addunyaatii miti; amantii fi ilaalcha irratti hundaayuu jijjiirama. Tarii mala ilma namaa hunda biratti wal-fakkaatu keessatti arguun keenya ni mala. Tooftaa fi mala qorannoo isaa yoo qo'anne maaltu salphaa fi dadhabsiisaa akka tahe addaan beekuu dandeenna. Akkasumas maaltu bu'aa qaba yookaa miidhaa qaba, maaltu gaariidha, maaltu badaadha? kan jedhu beekuu dandeenna. Tooftaa fi mala barumsa kana ittiin dabarsan ilaalchisee tarii qaroomina keenyaa fi qaroomina ummata biroo keessatti namummaa keessatti waan itti walii gallu qabaatutu mala. Haata'u malee, hubannaa namummaaf qaban keessatti, ilaalcha jiruu irraa qaban keessatti, kaayyoo fi galma jireenyaa keessatti amantiiwwan hunduu garaa garummaa qabu.

Hayyuun Muslimaa tokko yeroo Injiinariingii yookaan ogummaa fayyaa baratu yaada saayinsii kanaatii fi tooftaa barnoonni ittiin kennamu walitti hidhuu keessatti rakkoon isa

hin mudatu. Garuu inni falaasama Awrooppaa baratu haalli isaa kanaan adda jira. Falaasamni Awrooppaa hanga ilma namaa Rabbiin godhutti geesse. Yeroo hedduu Rabbiin sadarkaa ilma namaatii gaditti lakkoofiti. Kanaan wal-qabatee yaada hammaataa tokko tokko dubbatu. Sanniin kessaa: “Rabbiin fedhii namaa eeguu qaba; namaa araaramutu irra jira; hunda waan nama barbaachisu namaaf kennuu qaba; dogongora namni hojjate irra namaa dabrutu irra jira” jedhu. Karaa biraatiin ammoo: “Garuu kuni seera qabeessa; kuni dhoorgamaadha jechuun irra hin jiru; sagaagalummaa seera qabeessa godhuu qaba; diinagdee keessatti dhala qarshii irraa argamu hayyamuu qaba” jechuudhaan daangaa hunda irra tarkaanfatan. Itti dabaluuudhaan: “Rabbiin ibidda nama seensisuu hin qabu; ibidda seenuu jechuun ilma namaatti dheekkamu fi mirga isaa sarbuudha” jedhu. Akka ilaalcha isaaniitti wanti ilma namaa irratti dirqama tahu, dabree dabree qaama isaatiin bataskaana dhaquudhaan hariiroo jidduu isaatii fi Rabbii jiru tolchuu qofa jedhanii yaadu.

Artii Awrooppaa kan dhaqna qullaa deemu irratti hundaayu tana yoon dhagayuu fi yeroon dubbisu hedduun balfa. Artii isaanii keessatti cufa gatii bareedinaa nama dhaqna/qaama qullaa deemuun wal-qabsiisu. Bakka hundaa fi lafa hunda soodduu dhaqna qullaatiin guutan. Akka nama hawaasa Muslimaa irraa dhufe tokkootti ani kana nin balfa. Ani ilma qaroomina wayaan of haguuguuti. Yoon qaroomina Fir’oonotaa irraa dhaladhes jarri haala isaanii hunda keessatti ni haguuggatu. Yoon Baabiliyoonota irraa dhaladhes qaroomni isaaniis hanga tahe tokko haguuggatuudha. Kallattima fedhe yookaan bakkuma fedhe irraayyuu dhaladhu na biratti qullaa deemuun waan yaadamuu miti. Qullaa deemuun qaroomina

Awrooppaatti ulfina yoo ta'uu garuu qaroomina kiyya keessatti salphina. Kanaafuu artii isaanii irraa dheessa; akka saayinsii uumamaa fi barnoota teknolajii keessatti boohartii argadhutti kana hin booharu. Kanaaf jecha falaasamni, saayinsiin hawaasummaa fi namummaa safuu fi duudhaa naannoo isaa kan eegu ta'uu qaba.

Kanatti aansuun dhimma beekkumsaa kan saayinsii hawaasummaa fi namummaatti rarra'utti seena. Mata dureen saayinsiiwwan kanaa waa'ee ilma namaati. Dhuunfaa, hawaasa yookaan biyya ta'utu mala. Akkasumas aadaa namootaa, fedhii isaanii, lubbuu fi sammuu ilma namaa qu'atu. Waa hunda dura wanti nurraa eeggamu ilaalcha Qur'aanaa fi Hadiisni madda murtiilee shari'aa 'Waan seera qabeessa (halaalaa) fi wanta dhoorgamaa (haraama)' addaan baasuu qofaaf tola yaada jedhu kana dhabamsiisuudha. Kuni ilaalcha hammaataa sammuu Muslimootaa faaleedha. Keeyyattoota gara kuma jahaa Qur'aana keessa jiran akka dhimma itti hin bane fi keeyyattoota muraasa dhimma 'halaalaa' fi 'haraamatti rarra'u qofa irratti cichan. Nuti Qur'aanni akkuma madda murtiilee shari'aa ta'e madda barnootaa fi aadaas ta'ee akka tajaajilu barbaanna. Akka gariin hayyoota yaada seeraa (fiqh) jedhanitti keeyyanni Qur'aanaa dhimma murtiilee shari'aattirarra'u dubbatan lakkoofsaan dhibba radi- dhibba shaniiti jedhu. Keeyyattoonni Hadiisaa kan murtiilee shari'aa ibsan immoo lakkoofsi isaanii dhibba shanii hanga kuma tokkoof dhibba lamaatti tilmaamama jedhu.

Nuti murtiilee shari'aa kan Qur'aanaa fi Hadiisa keessatti dhufan kana hundaa akka sirrii ta'an ni amanna. Garuu dhimmi biroo kan nuti itti xiyyeeffachuu qabnu, dhimma saayinsii namaa fi hawaasummaa kan Qur'aanni qajeelfama irratti kenne qoratee fi ifa godheedha. Fakkeenyaaf: saayinsiin xiin-sammuu

waa'ee sammuu namaa qu'ata, saayinsii hawaasaa, dhimma hawaasaa fi rakkoo isaanii qu'ata. Dhimmoota kana hunda Qur'aanaa fi Hadiisni ibsee jira. kanaaf Qur'aanaa fi Hadiisni madda 'halaalaa' fi 'haraamaa' qofa osoo hin taane burqaa aadaa, yaadaa, beekumsaa fi qaroomina namaati. Muslimni hundi – barnootuma kamuu haa baratani- oolii bultii isaanii keessatti osoo keeyyattoota kanniin wajjiin hin jiraanne guyyaan tokko akka irra hin dabarre gochuuf maal godhuu qabnaa? Kana furuuf:

1) Qur'aana fi Hadiisa baratutti deebi'uu qabna. Mata dureewwan dhimma saayinsii hawaasumaa gara garaa irratti qoqqoodannee qajeelfamootaa fi murtiiwwan isaa beekuu qabna. Seenaa keenya keessatti qajeelfamaa fi keeyyattoonni seeraa hedduun barnoota fiqhiitiin walitti makame waan ta'eef irra deebi'uudhaan qu'atamee boqannaa boqonnatti qoqqoodamuu qaba. Isa hayyoonni nu duraa xiyyeeffannaa hin kenniniif ammoo ifa baasuun nurra jira. Akkuma hayyoonni fiqhii akkaataa murtii keessatti carraaquun ittiin dandahamu qopheessanitti, nutis akkaataa saayinsiin haawaasummaa Qur'aanaa fi Hadiisa wajjiin wal-fudhatu uumutu nurra jira.

2) Dhimmoota saayinsii kanniiniin wal-qabatan ilaalchisee hambaa barruudhan hayyoota keenyaa sirritti beekuun nurra jiraata. Jidduu keenya obboleewwan gosa barnoota gara garaa kan akka barsiisummaa, xiinsammuu, gaazexeessummaa fi kan kana fakkaatan baratantu jiru. Fakkeenaaf: dargaggoo yeroo dheeraa dura gargaaraa ta'e nu tajaajiluuf nutti dhufe tokko kitaaba Fakruddin Al-Raazi akka dubbisu affeereen ture. Dargaggoon kunis biyya Ameerikaatti barnoota Xiinsammuu barate. Garuu akka Muslimoonni saayinsii kana qaban tasumaa hin beeku ture. Jechoota haarawa hedduu kitaabicha

keessatti arguudhaan kitaabichi hambaa durii ta'uu isaa raajjiffate. Barreeffamni kuni osoo Firewud<sup>2</sup> hin argamin, osoo saayinsiin kuni Awrooppaa biratti hin beekamin jaarraa heddu dura bara 606 H - akka barreeffamee jiru mirkaneesseef. Gurbaan kun – fakkeenyaaf - ilmaan Muslimaa ta'aa akka Qur'aanaa fi Hadiisni madda beekumsaa isaa tahuu akka danda'an hin beeku. Gurbaan kun yeroo muraasa booda ogeessaa xiin-sammuu yookiin barsiisaa xiin-sammuu ta'utu mala. Garuu tajaajila isaa keessatti tooftaan inni itti fayyadamuu fi maddi inni irraa ka'u hubannoo, mul'ataa fi falaasama Awrooppaanotaa irraayyi. Kanaaf wanti barbaachisu warroota saayinsii kana barataniif laaffisuuf jecha piroojektii hambaadhan Islaamaa dhimma kanatti rarra'an gosa gosatti addaan baasu, qeequu fi ungulaalu bocnee dalagaa irra oolchuu barbaachisa.

3) Hambaawwan ammayyaa qu'atuun dirqama. Hambaawwan Awrooppaa jedhamanii kan beekaman hambaa namni hunduu gumaacha keessaa qabu. Jarri kitaabota abboota keenya durii irraa hedduu bu'aa buufatan; isaan hordofuudhaan akkaataa yaada isaaniitii fi mul'ata isaaniitiin irra deebi'anii qopheeffatan. Nutis karaa amma ittiin qu'ataa jirru kanaan osoo hin taane, tooftaa birootti fayyadamuun qorannoo sirrii fi haqa-qabeessa ta'e gaggeessuu qabna. Akka madaalliitti Qur'aanaa fi Hadiisa irratti bu'uureffamuun, akkasumas barreeffama hambaa keessaa argannes itti dabaluun qaroomina Awurooppaa isa huqqataa fi furdataa, gaarii fi badaa, isaa bu'a qabeessaa fi miidha-qabeessa addaan

---

<sup>2</sup> Sigmund Freud: abbaa saaykolojii haarawaa jechuun kan waamamu

baasuun sirritti qorachuu qabna. Akkuma asiin dura dubbannee dabarsine kaayyoo kanatti gayuuf mala ittiin qu'annuu fi qorannu kaayuun dirqama; sadarkaawwan guddinaa keessa dabarre kana fakkii lakkoofsa tokkoffaa fayyadamuun sirritti ibsinee jirra.

Xumura irratti wanti ani itti akeekuu barbaadu dhaabbanni Xiinxalla Islaamummaa addunyaa pirojektiiwwan qopheessee gara waraqaa qorannooti jijjiiruun dhimma kana irratti dalaga. Kaayyoo kanatti gayuuf tooftaaleen inni itti fayyadamu:

- ***Kora marii geegessuun:*** yaada keenya mari'atuu fi roga qabsiisuuf kora akka nuti geggeessinee kana qopheessuudhaan dhimmoota garaa garaa irratti hubannoo argamsiisuudha. Yeroo garii korri keenya gosa barnoota muraasa qofa irratti gabaabbata; yeroo garii gosa barnoota hedduu qixxisa. Barnoonni hayyootaa fi barsiistonni irratti hirmaatanii qopheessan kun akka mul'anni dhimma keenyaa roga godhatu taasisa.
- ***Dhimma gaafii qabu hayyootaa fi qorattootatti dhiheessuu:*** tarii waan beekuun nu barbaachisu hayyoota gosa barnootaa keessatti gadi fageenyaa beekuu isaanii itti amannu gaafanna.
- ***Barattoota sadarkaa ol'aanaa jajjabeessuu yaaluu:*** akka barnoota ol'aanaa keessatti mata dureewwan dhimma kanatti rarra'an qu'ataman kakaasuu, akkasumas bu'aa qorannoo irraa argamutti fayyadamuu fi dalagaa irra oolchuu.
- ***Bu'aawwan qorannoo fi qu'annaa adda addaa maxxansuu fi raabsuu:*** malaa fi karaa maxxansaa adda addaa kan akka kitaabaa, paanpileetii, gaazexaa fi kkf itti fayyadamuudhaan raabsuudha.

- ***Qu’annoolee gariis gara keenyatti fudhachuudhaan:***  
qu’annoo barattoonni tokko tokko osoo hin eebbifamin tahe erga eebbifaman geggeessan handhuurfatuudha.
- ***Pirojektota barnootaa tokko tokko qopheessuu:***  
pirojektii barnootaa kan baay’ee babal’aa ta’e, kan barsiisonni gara garaa dhimma kanniin irratti qu’atan yookii irratti barreessuun hirmaatan; pirojektii ilaalchaa fi yaada irratti wal-jijjiiran qopheessuu.
- ***Dhimmoota kana roga qabsiisuuf jecha yaada burqisiisuu:*** kuni gabaabinnumaan dhimma kanaa fi dhimmoota walii galaa keessa bahuu osoo tahuu hammeenyaa fi gadi fageenya dhimma nuti dura dhaabannuu ifa godha.

Akkuma jalqaba irratti tuquuf yaalletti Yuniversitoonni biyyoota Islaamaa shantamman keessa jiran dhimmoota kana irratti qorannoo osoo dhiyeessanii – waggaa kudha shanii yookaa diigdama booda – bu’aa nuuf laatuun hin oolu. Garuu dhaabbanni akka keenyaa kuni carraaqii isaa muraasa kanaan kaayyoo akkanaa dhuga’oomsisuuf tarii dhaloota heddutti hajama. Haata’u malee yaanni keenya inni murteessaan karoora gaarii kaa’uudhaan gara qabatamaatti jijjiiruudha. Akka gurmuun namoota hirmaatuu danda’anii baay’atuuf jecha karoora kana Muslimoota hundaan gayuu fi hubannoos kennuufiidha.

Kanaan wal-qabatee akka fakkeenyaatti muuxannoo yeroo jalaqaba dalagaa kana eegallu nurra dabre tokko himuun gaarii dha. Afaan Ingiliffaatiin kitaaba “Islamization of knowledge” jedhu qopheessinee addunyaa guutuu irratti hayyoota barnootaa amantii fi saayinsii hawaasummaa qu’atan kuma torba galmeessine. Jara keessaa kuma shan filanee kitaaba kana

xalayaa garagalchaa wajjiin itti raabsinee, akka kitaaba kana qu'atuudhaan dhimma kanatti yaaddayanii, waraqaa qorannoo gabaabduu dhimma kana irratti qopheessan, karoora gabaabaa akka kaayataniif fi dhimma kana irratti yaada isaanii akka nuuf gumaachan gaafannee turre. Xalayaa kana raabsuu irratti qofa doolaar kuma kudha shanii oltu baasii tahe.

Garuu kan hedduu nama gaddisiisu hayyoota kuma shanii keessaa dhibba tokkoo fi soddonii saddeet qofatu deebii deebise. Warra deebii deebisan kana keessaa shantamii jahatu waraqaa qorannoo dhiyeesse. Kan hafan xalayaa galataa nuuf deebisan. Qorannoo shantamii jahaa kana keessaa bifa nu gaafanneen kan wal-simu sadi qofa arganne. Qorannoon sadihii biroo namoota dhaabbata kana keessa hojjatantu qopheessee ture. Kana jechuun carraaqii bal'aa kana booda bu'aan ittiin baane dimshaashatti qorannoo jaha qofa. Kuni wanti nu hubachiisu yeroo sanitti hayyoota kuma lama keessaa namni tokko qofti hirmaatuu fi gumaachuuf qoophii tahuu isaati.

Garuu yeroo ammaa – galanni Rabbiin haa gayuu – dubbiin jijjiiramtee jirti, hawaannaan baay'ee gaariidha. Haa tahu malee humni (dandeettiin) waa gumaachuu sadarkaa barbaadamu gadi. Kana jechuun sammun Muslimaa mataan isiituu hojii jijjiiramaa fi warraaqsa irratti hojjatamuu feessisa. Dhimma ummataa keessatti akka gumaachituuf jecha sammun isaanii akka haarawaatti dhiqamuu qabdi. Kanaafuu dhima kana ummata bal'aaf ifa gochuu murteessine. Dhimmi kuni kan tuuta muraasa qofaatii miti; dhimma yaadaa fi aadaa guutuu ummataatti rarra'uudha. Kana irrattis ummata leenjisuun dirqama, akkasumas cufuma humna hirmaannaa gochuu danda'uu hawwatuun murteessaadha.



Akkaataa gabaasa istaatistiksii dhuma kana argeetitti yeroo ammaa biyya Ameerikaatti barattoonni Muslimaa gara kuma saddeettamii torbaatti tilmaamamantu dhimma gara garaa qu'ata. Kan nama gaddisiisu gar-guddaan dhimmi isaan qu'atanii dhimma biyyoota dhihaati. Fakkeenyaaf: yoo barataa saayinsii tokkoon maal qu'atta jettuun, mata duree naannoo Indiyaanaa yookaan magaalaa Chikagoo ykn magaalaa Washingtoniin wal-qabatun qoradha siin jedha taha. Yoo ogeessa fayyaa maal qoratta jettee gaafattu, dhukkuba qaroomina warra dhihaa keessa jiru sitti hima. Akkasumas yoo barattoota saayinsii haawasummaa fi namaa qu'atan gaafattuwa'ee gosa Gaamid ykn Zahraan irrattin qu'anna adeemsisaa jira siin jedha. Yookaa barattoota saayinsii afaanii qu'atanii gaafattes deebima wal-fakkaatu deebisu, loqoda afaan Afrikaa ykn Aasiyootaa qorataa jira siin jedhu.

Wanti asitti ibsuu barbaanne kaayyoon isaa guddaan barataan Muslimaa tokko boorsaa isaa keessaa ykn mootummaa biyya isaa irraa mallaqa guddaa doolaara kuma jahaatamaa irraa hanga kuma dhibbaatti dhiyaatu muummee saayinsii namaa yookiin saayinsii hawaasaa irraa eebbifamuuf baasii taasisa, yoo muummee saayinsii uumaa barata ta'e tarii hanga doolaara kuma dhibba lamaa kafalee barata. kana keessatti tarii eenyummaa, aadaa fi amantii isaa dhabee gara biyya ofiitti deebi'a. Booda qorannoo qaroomina Aworoppaanotaa tajaajiltu qopheessa. Yeroo garii qorannoon inni qopheessuun siyaasaa biyyoota dhihaa, qaamolee isaanii kan bulchiinsa gara garaa, kubbaaneewwanii fi saayinsii isaanii tajaajila. Bu'aan guddaan barataan Muslimaa qorannoo isaa kana irraa argate yoo jiraate, sadarkaa digirii jalqabaa ykn digrii lammaffaa dhuunfachuu qofa. Kuni hundi kaayyoo dheertuu wahiitiif osoo hin taane

sadarkuma barnootaa adda addaa irra gayuuf kan taasifameef hojjataa ta'ee ramadamuun mindaa isaa fudhatee jiraachuuf qofa.

Dirqamni jaarmayootaa fi dhaabbattoota barattoota Islaamaa irra jiru, dargaggoota Muslimaa baraaruudha. Kunis shoora dhiibbaa gaarii qabuu fi itti gaafatamummaa isatti laachuu keessatti hirmaachisuudhaan dhufa.

Barataan waa'ee saayinsii hawaasummaa fi namummaa qu'atu akka inni dhimma ilaalchaa fi dhimma beekumsatti rarra'e qu'atu barbaanna. Qorannaan isaa wal'aansa dhimma ilaalchaa tahuu qaba; yookaa dhimma beekumsa Islaamummaa tajaajiluu dandahu ta'uu qaba. Akkasumas mata duree aadaa Islaamaatti rarra'u yookii dhimmi aadaa bakka buusinsaa qoratutuu qaba. Biyyoota kanniin keessatti dhaabbata fi jarmayoonni barattootaa shoora kana keessatti dargaggootaaf hubannoo kennuu yoo danda'an, mallaqa ummata keenyaa kan barattoota kanniin irratti bahee fi humna barattoota kanaas akka hin banne tiiksinee jirra jechuudha. Yoo kana goonee argamne dhimma keenya tajaajiluuf yuniversitii fi kaarikulamii baruu fi barsiisuu isaaniitti fayyadamnee bu'aa hawaasa keenyaa buufnee jirra jechuudha.

Barataan keenya dhimma biyyoota Awrooppaatii fi qaroomina isaani irratti qorannoo isaa qopheessee jara tajaajiluu irra barataan muslimaa sunis yuunivarsitii fi dameen inni itti baratu sunis dhimma keenyaaf tajaajilaa akka ta'u barbaanna. Barataan tokko dhimma duubatti hafiinsa biyyoota Islaamaa irratti yoo qorannoo isaa barreesse mata dureen kuni dhimma rakkoo addunyaa Muslimaa hundaaf furmaata kenna. Qu'annaan kunis rakkoolee jiran kana injifatutti isaan geessa. Haala kanaan girdoo duubatti hafiinsaa kana bira taruuf jijjiirama qaroominaa

argamu keessatti waa gumaachitee jirta jechuudha. Akkasumas karaa yaada Islaamummaatiin dhimma ilaalchaa yookaa dhimma adeemsaa ykn dhimma saayinsii hawaasummaa irratti qorannoo gaggeessitee furmaata kan dhiheessitu yoo ta'e tajaajila dhimma keenyaatiif meeshaa Awrooppaa fi akkaataa qorannoo isaanii, yuniversityoota fi muuxannoo isaaniitti fayyadamuu jechuudha male faalla sanii miti.

Dhimmoota ciccimoo fi rakkoowwan keenya ilaalchisee wanti ani qopheesse kana fakkaata. Gabaabsuuf jecha tattaaffii godheen ture garuu dheeratuun isaa hin oolle. Yaada marii tokko tokko kaasuu fi gaafileen isin as irratti dhiheessuuf deemtan wanta ani as irratti hin dubbatin goolabuuf akka nu gargaaru abdiin qaba. Kanuma irrattin xumura. Isinii fi mataa kiyyaafis araaraman Rabbiin kadhada. Rabbiin nu hunda waan ofii barbaaduu fi jaalatu haa qunnamuu.

Wassalaamu aleykum warahmatullaahi wabarakaatuhu



## KITAABNI KUN

*Kitaabni kun burjaaja'iinsa ilaalcha ammayyaa kan Muslimoota mudaataa jiru irratti xiyyeeffata. Barruun kun, dargaggoonni Muslimaa biyyoota Muslimaa Yunivarsitulee biyyoota Dhihaatti baratan rakkoolee isaan qunnaman furuuf (bara 1988) koorsii saayinsii hawaasummaa qixa Islaamaatiin qopheessan. Kuni ammoo barataa akka waa lama jiddutti dhama'ee hafu godhe: beekkumsa amantii Islaamaa fi muuxannoo jireenyaati. Walakkaa jaarraa 18ffaa (A.L.A) hulaan addunyaa Islaamaa hundi kallattiin ilaalcha, barnoota, qaroominaa fi aadaa Awrooppaatti baname. Warri Dhihaa magaalota Islaamaa akka Bagdaadii fi Istaantaanbul fa'a keessatti amantii isaanii babal'inaan gaggeeffatu, qaroomni Muslimaa ammoo jijjigee diigame jedha.*

*Sochiin barumsaaf Awrooppatti fuulleffatuu kunis gosa sadi: yeroo ilaalchaa fi aadaan Muslimootaa gar-malee miidhame, yemmuu lubbuun Muslimootaa hanga tokko tasgabbii argatee, fi yeroo dammaqina Islaamummaati. Kana ilaalchisee garee lamaan sochiin Ilaalchaa jirachuu hin amannee fi sochiin jiraachuu amanann garuu ilaalchaa fi qaroomina addaan baasuun liqimfama Awurooppaa jalaa baana jedhantu uumame.*

*Yaad-rimeen jiru, dursa keeyyata Qur'aanaa fi Hadiisaa, eegasii ijannoo hayyoota Islaamaa, itti aansuun murtee wal-madaalaa asiin dura kenname qorachuun barbaachisaadha. Beekkumsa jechuun ammoo cufuma wanta miiraa fi shaakalliin hubatamuu danda'uuti. Rakkoolee kanaan walqabatan furuuf: Qur'aanaa fi Hadiisa dabalatee hambaawwan saayinsii, aadaa fi ammayyaa sirritti qo'achuu, pirojektoota barattootaa jajjabeessuu, bu'aawwan qorannoo fi qo'annaa adda addaa maxxansuu fi raabsuu barbaachisa jedha.*